

ضرب المرأة وسيلة لحل الخلافات الزوجية ؟

عبدالحميد أحمد أبو سليمان

Dubartii Rukutuun Wal-Dhabbii
Haadha Manaa fi Abbaa Manaa Hiikuuf
Furmaata Ni Ta'aa?

Qopheessaan:

Abdulhamiid Ahmad Abuu Suleeymaan

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

ضرب المرأة وسيلة لحل الخلافات
الزوجية ؟
أ.د. عبدالحميد أحمد أبو سليمان

Dubartii Rukutuun Wal-Dhabbii
Haadha Manaa fi Abbaa Manaa
Hiikuuf Furmaata Ni Tahaa?

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al
Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C

DF-E-TrBs-18/71

Maqaa Rabbii tola oolaa
mararfataa ta'eetiin jalqabna
jalqabaa

Seensa

Maatiin bu'uura jiruun ilma namaa irratti dhaabbatu, tan hundee ijaarsa dhala namaa ibsиту, tan kallattii adeemsa ilma namaa daangessitu, tan isii galmaan gahuu irratti garaa garummaan hawaasaa hundaa'uu fi ijaarsii, dhaabilee fi bu'uurri qaama isaa irratti hirkatuudha.

Haati bu'uura maatii, tan jiruun maatii irraa maddu, tan maatiin hundi hiree isii eeggatu, tan miseensi maatii hundi harka isii irraa afuura jiruu fi dhihana fudhatuudha.

Yeroo haadhummaan xiqqeessuun, salphisuu ykn qaanyessuun hadiyyoomsamte jiruu fi dhandhamni jiruu, urgaa (gammachuu) fi nageenyi isiis ni hadiyyoomfamti. Islaamummaan maatiidhaaf akka walii galaatti, haadhaaf bifa addaatiin xiyyeeffannoo guddaa kennee jira. Isii eeguuf, haqaa fi kabajaa isii tiksuuf xiyyeeffannoo kennee jira. Islaamummaan hariiroo haadha wajjiin taasifamu jaalala, gara laafinaa, tola itti ooluu fi haala gaariidhaan beekamtummaa kennuufii irratti hundeesse.

Barruun/qo'annaan kun dhimmoota maatii wajjiin wal-qabatan keessaa tokko kan ta'e waa'ee kabajaa dubartii mirkaneessa. Isii boodaanis kabajaa ilma namaatu jira. Kunis dirqama qabsoo irraa ka'uun kaayyolee amantiin Islaamaa maatii ijaaruu irraa qabdu mirkaneessuuf, hariiroo amantiin Islaamaa addunyaa har'aa fi jijjiirama amma jiru wajjiin qabdu mirkaneessuufi. Kana jechuun kaayyoo Islaamummaan dhaloota gahumsa qaban, amanamummaa fi kabajaa Musliimaaf malu, kan gufuu jaarraa kanaa dura dhaabbachuu fi

ergaa Islaamaa baadhachuuf isaan dandeessisu qaban ijaaroo keessatti qabdu jechuudha.

Rabbiin haqa nama qunnama. Isatu karaa sirriitti nama qajeelcha.

Piroofeesar Abdulhamiid Ahamd Abuu Sulaymaan

5 Jimaad al-Uulaa, 1422H

23 hagayya, 2001 ALA

Maqaa Rabbii tola oolaa mararfataa ta'eetiin jalqabna

***Dubartii Rukutuun Wal-dhabbii Haadha Manaa Fi
Abbaa Manaa hiikuuf Furmaata Ni Tahaa?***

Haala ummanni Islaamaa keessa jiruu fi addunyaan naannoo isii keessa jiru nan arga. Akkasumas dukkana aadaa ummataa fi qarooma namaa balleessitus nan arga. Haalli kun immoo haalli ummataa gadi kufuu fi mirgi dhala namaa dhiibamuu wajjiini. Kana keessa waan warroota Islaamummaa fi mirga namummaa Islaamummaa keessa jiru irraa deebisan/falaman dura dhaabbatutu jira. Kunis dhimma dubartoota rukutuu akka mirga abbaa manaa, tooftaa ittiin wal-dhabbii haadha manaa fi abbaa manaa jidduutti argame ittiin hiikan, jallinaa, yakka hojjachuu isii fi abbaa manaa isii irraa dheessuu sirreessan godhanii fudhachuu keessatti dhamahuudha. Sababa dhamahiinsa Sanaa fi wantoota sanatti geessan hubachuun addunyaa amma keessa jiraannu kana keessatti namatti hin ulfaatuu.

Wantoota Islaamummaa keessatti namatti wal-fakkaatan hedduudhaaf yeroo adda addaa keessatti deebii kenneefiin jira. Kunis yeroon teessoo barnootaa irra jiru, keessattuu ennaan barnoota digrii sadarkaa ol'aanaa (postgraduate) biyyoota Dhihaa keessatti baradhu, yeroon hojiiwwan Islaamaa kan barattootaa hojjadhuudha. Kunis “Tokkummaa barattoota Muslimaa kan Amerikaa, Kanadaa” fi “Kora addunyaawaa kan dargaggoota Islaamaa” keessatti.

Yeroo hunda sababoota xiinxalaa fi tooftaa/karaatiif jecha dhimma wal-fakkaataa hundaaf furmaata quubsaa fi hubannoo jaalataman arga. Kunis kan ta'uu danda'eef, ani jalqabuma irraa ergaan Muhammad (SAW) Rabbiin irraa nuuf fide dhugaa ta'uun dhugoomse. Dhugoomsuun kiyya kunis ganamuma ennaan qeensa baase irraa eegalee ennaan teessoo mana barumsaa sadarkaa lammaffaa keessa jirus ilaalchaa fi xiinxala bu'uura sammuu, kan karaa/tooftaa fi ka'umsa qabdu irratti hundaa'een dhugoomse.⁽¹⁾ Sababa kanaaf mamiin wahiituu nabiratti hin argamne.

Kana jrchuun dhimmicha kana xiinxaluu wanti adda godhu ifa ta'uudha. Akkasumas rakkoowwan nama qunnaman kan qorannoo, qo'annoo fi furmaatatti dhimmaman (kan furmaata barbaadan) qo'achuu irratti dandeettii qabaachuu, obsuu fi wal-obsiisuu dhimma. Kana jechuun xiinxala bifa kanaa keessa mamiin hin jiru jechuudha. Garuu namatti wal-fakkaachuun jiraachuu danda'a.

Mamii fi wal-namatti fakkaachuun gara gara. Mamiin booda nama harkisa; nama irratti wal-fakkaachuun immoo nama si'eessa; xiinxaluu, hojjachuu, qo'achuu qotanii baasuu fi qabsaa'uutti nama kakaasa. Yeroon waa'ee Islaamummaa keessatti waan wal-namatti fakkaatu tokko fuuldura kiyyatti arge wal-fakkeenyatuu natti mul'ata malee mamii miti. Yeroo

⁽¹⁾Kitaaba Abdulhamiid Abuu Sulaymaan kan "Zaahiriyyatu Ibni Hazmi wa I'jjaaz al-Risaalat al-Muhammadiyyah" jedhu gaazexaa "al-Tajdiid" jedhamu kan Yuunivarsiitiin Islaamaa Adunyaawaa Maaliiziyyaa waggaa lammaffaa, lakkoofa 3, bara 1998 baase ilaali.

kana gara beekkumsa Islaamaa kan bu'uuraa irratti irkadheen dhimma sana xiinxaluu fi qo'achuutti gara gala. Karaan Islaamaa kunis kan isiin bu'uura taateen karaa qixxisaa (wan hunda of-keessatti qabataa): keeyyatoonni wahyii, mallatoowwan uumamaa fi sonni sammuu namaa wal-guutuudhaani.

Mata duree rakkoo (waan wal-fakkaatee), haalaa fi *sunana* (karaa isiin irra deemtu) osoo hin beekin ergaa *wahyii* fi qajeelfama isaa hubachuun hin danda'amu. Kanaafuu ilaalcha kana keessatti tooftaan adeemsa kiyyaa, jalqaba qabxii wal-dhabbii irratti xiyyeeffadhee amala qabxii Sanaa fi wantoota isaan wal-qabatan, *sunanaa* fi amala Rabbiin isii keessa kaa'e adda baafachuudha. Akkasumas haala yeroo fi iddoo isiin keessa jirtu dura adda baafadha. Wanti ani kana godhuuf, qabxii wal-dhabbii ykn waan nama wal-fakkaatee sana irratti waan keeyyanni Qur'aanaa itti akeekuu, kaayyolee fi galma isaa hubachuuf akka na gargaaruufi.

Yeroo hedduu namni dursee jalqaba murtee ilaalu hordofaa ta'a. Hordofaa ta'uun immoo qabatama jiru, amala dhimma ykn qabxii Sanaa fi hariiroo dhimmichi amantii wajjiin qabu bifa walii gala (qixxisaa ta'een) arguu irraa haguuggaa fi gufuu namatti ta'a. Gufuun kunis gufuu aadaa fi nama biraa hordofuu ennaa ta'uu isiinis diree qulqullinaa keessa seenuu irra sodaachuu kan of biraa qabduudha. Akkasumas yeroo hedduu qo'annoo qabatama jiruu fi haala qabxii sanaa wallaalutu isii (kan biraa hordofuu) wajjiin jira. Adeemsa qixxisaa kanaan hubannoo jaalatamaa fi quubsaa, kan sonoota amantii fi

Sonoota amala gaarii fi kabajaa ilma namaa hin balleessine hubachuuf adeeme kana keessatti takkumaa abdiin kiyya hin hoongofne. ⁽²⁾

Kanaafuu warroonni mirga namummaa Islaamummaa keessa jiruuf dhaabbatan miidhaa dubartoota irraa kaasuu, dhimmoota diinni wal-nama irratti fakkeessuun akka dubartiin miidhamte fakkeessanii maqaa Islaamummaatiin isii jiiilchaniif furmaataa fi hubannoo kennuuf jecha waan isaan irra gahan hubachuun natti hin ulfaatu. Keessattuu wanti dhimmicha kana adda godhu: rakkoolee dhimma dubartii gadi buusani ilaaluu biyyoota addunyaa hedduu keessa jiru kan dubartoonni irraa dhukkubsatan, ennaa wal-bira qabnee ilaallu dadhabina qaamaa dubartoonni dhiira biratti qaban, daa'imni dhimmoota isaa gara garaa keessatti kallattiin haadhatti dhimmamuu, rakkoo hiyyummaa, wallaaluma fi duubatti hafummaa hawaasni Muslimaa keessa jiru kan dhiibbaan isaa hunda caala dubartii mudatu faadha.

Hiyyummaa, wallaaluma fi duubatti hafummaa kana wajjiin sochiin mirga namummaa hawaasa kana keessatti dadhabaa fi gadi bu'aadha. Kunis sababaa abbaa irrummaa fi miidhaa hawaasummaa kan mirgaa fi kabajaa ummataa sarbituudha.

⁽²⁾ Kitaaba “al-Nazariyyat al-Islaamiyyah lil-Alaaqaat al-Dawliyyah: Ittijaahaatun jadiidah lil-fikri wal-Minhajiyah al-Islaamiyyah” jedhu kan dhaabbanni Xiinxala Islaamaa USA tti maxxanse, Piroofeesar Naasir al-Bariik Biyya Sa'uudi Arabiyaa magaalaa Riyaaditti bara 1993 hiike ilaali.

Sababaa itti gaafatama biraatiin heewasamu (yeroon kiyya qabamuu) tiin rakkoowwan gara garaa kan natti mul’atan furuuf fuula itti deebi’uu hin dandeenye. Rakkoolee san keessaa tokko rakkoo “Dubartii rukutuuti”. Sababoota itti gaafatama hedduu kanaan heewasamuutiif jecha ejjannoo sirrii Islaamummaan akka addunyaa Islaamaattis ta’ee akka addunyaa namummaa nuti amma keessa jiraannuutti qabu ilaaluuf naaf hin mijjoofne.

Dhuma irratti gara hojii xiinxalaattin deebi’e. Yaanni kiyya gara sababoota bu’uura boodatti hafiinsa ummataa ta’an, sababoota booda isii dhokatani jiran, sababoota sagantaan qaroomaa Islaamaa osoo dhuma yaalii fi qabsoon wal-irraa hin cinne godhamuu kaayyoo isaa guddaa mirkaneessuu dadhabeef xiinxaluutti deebi’e. Qabsoo fi yaaliin kun waggaa kumaa oliif itti ture. Kunis yeroo Imaam Abuu Haamid al-Gazaaliin (505H/1111A.L.A) kitaaba isaa “*Ihyaa’u uluumi al-Diin*” jedhamuu fi “*Tahaafaat al-Falaasafah*” jedhamu keessatti waa’ee kanaa dubbachuu eegale irraa jalqabeeti.

Kanaaf jecha xiinxala Islaamaa fi sagantaa qaroomaa keessatti gara ijoollummaatti (jalqabaatti) deebi’e. Kunis dhimma kana dhima sagantaa kana keessatti nama irraa dhokatee fi nama irraa fagaate godhanii ilaaluun, namummaa Islaamaa bekumsaa fi quuqama qabaachuun (dhimma amantii fi rakkoo ummataatiif quuqamuun) deebisani bilcheessuu fi qopheessuun akka ummanni rakkoolee fi gufuuwwan isaan mudatan fuuldura dhaabbataniif akka ka’umsa jijjiiramaatti fudhachuudhaani.

Waa'ee dhimma ijoollummaa qo'achuu, ilaaluu fi xiinxaluun dhimma maatii qo'achuu fi xiinxaluutti na geesse. Kunis eenyumma ijoollee fi *siinaa* (odola) jarraa kanaa kan karaa isaatiin deebisanii tolchuun argamu ijruf maatii akka iddoo omishaa fi guddina duraa godhanii ilaaluudhaani. Kunis kennaa uumamaan maatiin ilmaaniif qaban, kan isaan hanga hubannoo fi amantii isaaniitti ilmaan isaaniitiif waan bu'a qabeessa qofa yaadan irratti hirkachuudhaani. Akkasumas yeroo ammaa kana akka nabi Muusaan (AS) godhan san iddoo guddisaa kan adda bahaa ta'e argamsiisuu waan hin dandeenyeefi.

Nabi Muusaan (SAW) ilmaan Israa'iil warra biyya Misraa/Gibxii keessatti gabroomsaman gara dachii *siinaa* geessuun akka dhaloonni amaanaan, birmadoonnii fi gotonni, kan amaanaa haala gaariin galmaan gahanii fi ummata ijaaran dhalatani dhaloota gabroota, lugnootaa fi dadhabdoota bakka bu'an argamaniif waggaa afurtama goda siinaa keessa tursan. Garuu yeroo ammaa kana hayyoonni haaromsaa dhaloota gufuu fi rakkoo isaan dura dhaabbattu of irraa qolachuuf gahumsa qaban omishuuf akka nabi Muusaa iddoo geessanii itti guddisanii fi leenjisan hin qabnu (kanaafuu furmaanni jiru maatii irratti xiyyeeffachuudha).

Ilmaan Israa'iil ilaalchisee Rabbiin akkana jedhe:

﴿ قَالَ الَّذِينَ يَطُنُونَ أَنَّهُمْ مُلْتَقُوا اللَّهَ كَم مِّن فِتْنَةٍ قَلِيلَةٍ عَلَبْتُمْ فَئِنَّ كَثِيرَةً مِّنَ اللَّهِ وَاللَّهُ مَعَ الصَّادِقِينَ ﴿٢٤٩﴾ وَلَمَّا بَرَزُوا لِجَالُوتَ وَجُوذِهِ قَالُوا رَبَّنَا أَخْرِغْ عَلَيْنَا صَبْرًا وَثَبِّتْ أَقْدَامَنَا وَأَنْصُرْنَا عَلَى الْقَوْمِ الْكَافِرِينَ ﴿٢٥٠﴾

فَهَزَمُوهُمْ بِإِذْنِ اللَّهِ وَقَتَلَ دَاوُدُ جَالُوتَ وَآتَاهُ اللَّهُ الْمُلْكَ وَالْحِكْمَةَ وَعَلَّمَهُ
مِمَّا يَشَاءُ وَلَوْلَا دَفْعُ اللَّهِ النَّاسَ بَعْضَهُم بِبَعْضٍ لَفَسَدَتِ الْأَرْضُ وَلَٰكِنَ

اللَّهُ ذُو فَضْلٍ عَلَى الْعَالَمِينَ ﴿٢٥١﴾ البقرة: ٢٤٩ - ٢٥١

*“Warri Rabbii isaanii ni qunnaman jechuu dhugoomsan
“Garee/humna xiqqoo meeqaaf-meeqatu fedhii Rabbiitiin
garee hedduu injifate. Rabbiin obsitoota wajjin jira” jedhan.
Ennaa Jaaluutii fi hoomaa (waraana) isaatiif bahanu “Rabbii
keenya obsa nurratti buusi; miila keenya raggaasisi; ummata
didaa irratti nuuf tumsi” jedhan.
Fedhii Rabbiitiin Jara cabsan. Daawuud Jaaluutiin ajjeese.
Rabbiin mootummaa fi nabiiyummaa isaaf kenne, waan fedhu
irraa isa barsiise. Osoo nama garii isaa gariidhaan deebisuu
baatee dacheen badde. Garuu Rabbiin aalamtoota/uumaa
hundaaf abbaa arjumaati.”⁽³⁾*

Yeroo gahee guddisa maatii ilaallu, qo’annaa fi ilaalchi keenya wantoota guddisa ilmaanii fi dhaloota haaraa wajjiin wal-qabatanii fi jijjiirama fiduu danda’an of keessatti hammachuu qaba. Kunis qabiyyee isaa kan beekumsaa, kan afuuraa, kan lubbuu fi miiraa ykn adooddii faadha.

Kana irraa ka’uudhaan dhimma dubartii rukutuun hariiroo abbaa manummaa fi haadha manummaa, hariiroo abbummaa fi haadhummaa, hariiroo dhiiraa fi dubartii, hariiroo namni nama biraa wajjiin qabuu fi hariiroo namni gahaan nama gahaa (kan

⁽³⁾al-Baqaraa: 249-251

sadarkaa itti gaafatama amantii fudhachuu gahe) wajjiin qabu dubbachuun naaf mul'ate.

Ilaalchaa fi qo'annaa kana keessatti akka ka'umsa adeemsaatti kallattii hundaan qixxisummaa (kan waan hunda of keessatti hammate ta'uu) qo'annoo eeggachuun narra jira. Akkasumas seera qabeessummaa fi qindoomina adeemsa eeguunis dirqama narra jiruudha. Kana jechuun, qabxii ykn dhimmi tokko-tokko dhimma walii galaa haguuguu hin qabu; dhimmi wahiin wal-qabatee dhufuu fi taateen akka tasaa argamu, ka'umsaa fi kaayyolee walii galaa aguuguu ykn dhiibbaa irratti fiduu hin qabu jechuudha. Walumaa galatti waan hunda bakka isaaf malu kaa'uu jechuudha.

Akkasumas ademsa sammuu qulqulluu fi nagaa deemuudhaan wal-guutinsa beekumsa keeyyatoota *wahyii* (Qur'aanaa fi Hadiisaa) fi kan Uumamaa, wal-guutinsa wahyii fi amalootaa, qabatama iddoo fi yeroo wajjiin wal-simachuu isaa eeggachuun waan narra jiruudha (dirqama kiyya).

Kanaafuu qo'annaa kana keessatti akka Islaamaatti kabajaa dhala namaa, bakka bu'ummaa isaa, itti gaafatama isaa fi mirga egeree isaa murteessuu ka'umsa godhadhee deemutu narra jira. Tartiibni (hojii fi sochiin) kamillee kan iddoo fi yeroo fedhe keessatti sonootaa fi ka'umsa Islaamaa kanaan wal-hin simanne afuura Islaama, kaayyolee fi galama isaa bakka hin buhu. Adeemsa mirga dhala namaa fi itti gaafatama isaa kan bu'uura faallessitu ykn dhiibdu kana keessatti iddoo qaawwi jiru beekuuf gadi fageenyaan ilaaluun dirqama.

Akkasumas, qo'annoo waa'ee hariiroo maatii Islaamaa keessatti ka'umsi qo'annaa yaad-rimee “Jaalalaa fi gara

laafinaa” kan bu’uura godhate ta’uu qaba. Adeemsi ykn sochiin kamillee kan hariiroo maatii keessatti yaad-rimee kanaa fi bu’uura ijaarsaa kana tuqu gadi fageenyaan ilaaluudhaan iddoo hir’inaa beekuun dirqama.

Gama adeemsa walii galaatiin yeroo illaalle ergaan Islaamaa qajeelchaa fi qajeelfama walii galaa kan faaydaa dhala namaa yeroo fi iddoo hundaa eeguuf akka dhufte hubanna. Kanaafuu hojii irra oolchuu keessatti iddoo fi yeroon jijjiirama fiduun waan hin oolle. Kunis faaydaa ergaan Islaamaa kun argamsiisuuf dhufte mirkaneessuufi. Wal-duraa duuba yeroo fi iddoo (haala yeroo fi iddoo), hambaalee amantii Islaamaa kan yeroo fi iddoodhaan wal-qabatee amantiin kallattiin itti akeeke, haala yeroo, mijeeffannaa isa keessa jiru, aadaa fi duudhaa isaa ilaaluun dirqama. Hala kanaa fi wal-duraa duuba isii keessa jiru osoo hin ilaalin akkasumaan gadi dhiisaatti jira jedhanii yaaduun, ykn yeroowwan sana hojiitti hiikuu akkeessaa fi hidhannaa dogoggoraatiin gara yeroo kan isiidhaan wal-hin simanneetti geessuun dogoggora.

Sonoota adeemsa kanaa beekuu irratti wanta nu gargaaru keessaa muraasni: *wahyiin* suuta suutaan bu’uu, ergaan nabiyyii hala nama itti dubbatamuu irratti hundaa’uun yeroo fi iddoo gara garaa keessatti wal-dhabuu, *fatwaa* fi murteen wal-dhabuu, mazhaboonni beektotaa fi warra fatwaa wal-dhabuu faadha. Halaa yeroo fi iddootiif owwaachuun kun adeemsi Islaamaa kallatti gara garaa kan seera hawaasaa eeguu isaa irratti ragaadha.

Dhimma nuti dubbataa jirru kana irraa ka’uudhaan mazhabni ulamoota (beektota) salafaa, fatwaan isaanii fi

murteen isaan waa'ee dhimma maatii irratti kennan wal-dhabe. Kana jechuun, sababa yeroo adda addaa keessatti mijjee fi duudhaaleen wal-dhabaniif jechuudha. Fkn wal-dhabii jidduu mazhaba Maalikii kan Madiinaa al-Munawwaraa tan odola Arabiiyaa keessatti argamtuu fi mazhaba Hanafii kan biyya Iraaq keessaa jidduu jiru fudhachuun ni danda'ama. Kan duraa keessatti miira gosummaa fi sabummaaf bakka guddaa kennutu jabeeffama ture. Kan lammaffaa immoo iddoo qarooma duraanii kan Baabilooniyaa irraa hanga Faaris gahutti of keessatti qabatte, tan faana qaroomaa isii kan hubannoo hariiroo hawaasummaa fi guddina gahumsa nama dhuunfaa qabduudha.

Garaa garummaa duudhaalee, yeroo fi iddoo kana irraa ka'uudhaan ulaagaalee nikaa (sirna gaa'ila) ilaalchisee waa'ii *al-wilaayaa* fi *al-Kafaa'aa* (aantummaa fi wal-maadaaluu) keessatti garaa garummaan jidduu mazhaba lamaaniitti argame. Dhiibbaan yeeroo fi iddoon murteewwanii fi fatwaa irratti fidu jidduu mazhaba gara garaatti garaa garummaa uumuu bira dabree mazhabuma tokko keessattiyyuu bakka bakkatti garaa garummaa uumee jira. Fkn mazhaba al-Imaam Muhammad bin Idriis al-Shaafi'ii (204H du'an) kessaatti murtii fi fatwaan isaanii kan biyya Iraaqii fi kan Misrii/Gibxii wal-dhaba.

Kana biras darbee, keeeyyatoota Qur'aana kabajamaa garii hubachuu fi hiika isaatti gahuun jijjiirama yeroo fi iddootiin, akkasumas beekumsi namaa bal'achuudhaan garaa garummaa qabaachuu danda'a. Ilmi nama yeroo tokko hiikaa haaraa kan duraan hin beeknee fi onnee isaa irrayyuu dhufee hin beekne

beekuu danda'a. Kun immoo Qur'aanni kabajamaan qulqulluu, kan yeroo fi iddoo hundaan wal-simatu ta'uu akka akeekuufi. Rabbiin akkana jedha:

﴿الطَّلَاقُ الرَّجْعُ وَالْمَلَائِكَةُ الْقَائِمَاتُ﴾
 ﴿الْقَائِمَاتُ اللَّائِيَاتُ الْمُنْتَهَاتُ﴾
 ﴿عَبَسَ رَبُّكَ الْكَوْثُرَ الْاِنْفِطَارَ﴾
 ﴿الْمُطَفِّفِينَ الْاِشْقَارَ﴾

﴿البُرُوجِ﴾ فصلت: ٥٣

“Hanga inni dhugaa tahuun isaaniif ifa tahutti sichi (wili) mallattoolee keenya moggaa moggatti isaan agarsiisna. Lubbuu isaanii keessattis. Rabbiin kee waan hunda irratti ragaa tahuun isaa isaaniif hin gahuu?”⁽⁴⁾

Raajiin Qur'aanaa, gadi fageenyaan waa ibsuun isaa fi ibsi isaa kun dhokataa ta'uun kan itti dhaqqabamee fi ammas itti dhaqqabamaa jiru kan Rabbiin keeyyata Qur'aanaa armaan olii keessatti dubbate keessaa isa tokko. Kunis akka Qur'aanni kun osoo dhugaa uumamaa adeemsa isaa kan akkuma beekumsi namaa babal'ataa deemuun, akkuma yeroo fi iddoon jijjiiramaa deemuun irra gahamu hin dhiisin kaayyoo isaa kan nama qajeelchuu sana galmaan gahuufi. Fakkeenyi kanaa: halkan guyyaa keessa seenuu fi guyyaan halkan keessa seenuu, dachiin luffee akka killee guchii tahuu fi kkf. Kun nama dhimmoota raajii Qur'anaa fi hiika isaa hordofuu jaallatuufi.

Haalli armaan olitti dubbanne kun kan ta'eef, akka Qur'aanni jaarraa hunda keessa akka hubannoon namaa guddataa fi bal'ataa deemuun kaayyoo isaa galmaan gahuu fi nama qajeelchuun isaa bal'ataa deemuufi. Akkasumas yeroo

⁽⁴⁾ Fussilat: 53

hundaa fi bakka hundatti dhimma namaatiif akka furmaata kennuufi.

Kanaafuu, yeroo dhimma qajeelfama maatii fi haala adeemsa isii ykn dhimmoota seeraa/qajeelfama biraa ilaallu, jijjiirama iddoo fi yeroo kan dhiibbaan isaa jireenya dhuunfaa fi hawaasaa irratti faallaa ta'ee deebi'uuf osoo bakka hin kennin hiikaa fi adeemsa seenaa duraanii irratti gabaabbachuun dogoggora jiru keessaa isa tokko.

Kana jechuun hambaalee seenaa fi seenaa hawaasummaa Muslimoota duraanii ilaaluu dhiisuu jechuu osoo hin taanee, sana hundayyuu ilaalani akka yeroo fi iddoo isaatiin sirriitti hubachuudhaan muuxannoo fi gorsa seenaa sana irraa fudhatanii bifa haaraa ta'een kaayyolee wahyii fi ergaa Islaamaa galmaan gahuuf hojjachuudha. Wanti nu irraa eegamu, qabatama amma keessa jirru, jijjiirama yeroo fi iddoo, jijjiirama haala ummataa irra dhufee fi mijjeeffanna isaaniif argame ilaalaa waan jirruuf waa'ee haala ummataa ilaalcha beekumsa gadi fagoo qabduun of faayuu qabna. Beekumsa gadi fagoo kan akka ummanni kun gadi buutee fi bakka isiin geesse, humni isii keessatti dhaamuu, dorgommiif humna dhabuu, afuura jabeenyaa fi kabajaa dhabuu; abbaa irruumaa, roorroo, dadhabbi, hiyyummaa, wallaalummaa fi duubatti hafummatti dabarfamtee kennamuu isii beekuu nu dandeessisuun faayamuu qabna.

Yeroo waa'ee rukutaa dubartii fi waan isa hordofee dhufu kan akka miira xiqqeenyaa fi laalaa qaamaa dubbannu, akka heera bu'uuraatti wanti nuti beeknu, xuxxuqaan (rakkisuun), sodaa fi lubbuu shororkeessuun dhimmoota hir'ina, jibbaa fi

wal-irraa gara galuu nama dhaalchistuudha. Jaalalli, kabajaan, wal-amanuun/waliif amanamuun dhimmoota waan gaarii, walitti deebi'uu fi waliif arjoomu argamsiistuudha.

Akkasumas wanti nuti beeknu, ummanni keenya miidhaa, xiqqeessaa, fi abbaa irrummaa irraa dhukkubsataa ture; ammas dhukkubsataa jira. Hawaasa keenya hedduu keessatti gochi miidhaa, ol'aantummaa fi abbaa irrummaa poolisii abbootii aangoo qofa irratti kan gabaabbatu osoo hin taanee aadaa hawaasa bal'aa keessaa qaama tokko ta'ee argame! Jidduu barsiisaa daa'immanii fi daa'immanii, jidduu barsiisaa fi barataa, guddaa fi xiqqaa, hoogganaa fi hoogganamaa (ummata bal'aa), dhiiraa fi dubartiitti argaa jirra. Kunis akka inni dimshaashummaa fi akeeka isaa kan hawaasummaa keessatti cimaa fi dadhabaa hawaasa keessa jiru hunda hammatuufi. Haalli kun immoo faallaa hubannaa/ergaa Islaamaati. Islaamumman obbolummaa, akka ijaarsi gariin garii jabeessutti wal-gargaaruu, akka yeroo qaamni tokko dhibame qaamni kuun hirriba malee fi ollannaa wajjiin qooddatutti waliif yaaduutti waama.

Muslimni obboleessa Muslimaati. Isa hin miidhu; isa hin xiqqeessu; diinatti isa hin kennu. Obboleessa isaa Muslimaa tokko xiqqeessuun hamtuu irraa namaaf gahaadha. Nama Muslimaa hunda irratti mallaqa nama Muslimaa nyaachuun, dhiiga isaa dhangalaasuu fi maqaa isaa bal'eessuun *haraama* (dhowwamaadha). “Nama namaaf hin mararfanne Rabbi isaa hin mararfatu”. “Gabroota Isaa keessaa kan Rabbiin mararfatuuf warra namaa mararfatan (garaa namaaf laafan)

qofa”. Nama gabricha isaa ykn garbittii isaa rukute sababa waan rukuteetiif akka bilisoomsu itti murteeffamaa ture! “Mu’minummaan wal-xureessuu/wal-xuxxuuquu, wal-abaaruu, hojii badaa (sagaaggalummaa) hojjachuu fi waan badaa dubbachuudhaanii miti (amaloonni kun amala Mu’minaatii miti)”. “Amantoota keessaa kan Iimaanni isaa irra guutuu, kan haalli isaa irra gaarii ta’eedha. Caalaan/filatamaan keessan nama dubartii isaatiif filatamaa ta’eedha”.

Ergamaan Rabbii (SAW) “Tokkoon keessan haadha manaa isaa akka rukuttaa gabraatti rukutee booda morma isii jala seenuu hin saalfatuu!” jedhanii nama haadha manaa isaa rukutetti dheekkaman. Ammas akkana jedhan: “Dubartoota hedduu abbaa manaa jaraa himachuuf jecha mana maatii Muhammaditti marse. Warri sun filatamaa keessanii miti.”

Amalli nama nuti itti hidhannuu (SAW) waa salphisuu, gara laafinaa fi mararfannaa ture. Ergamaan Rabbii (SAW) takkumaa harka isaaniitiin dubartii rukutanii hin beekan. Ergamaa/tajaajilaas ta’ee waan biraatis rukutanii hin beekan. Yoo karaa Rabbii keessatti duulan malee.

Hubannoowwan walii galaa kana mataatti qabannee waa’ee dubartii rukutuu, hidhata inni hariiroo maatii –abbaa manummaa/haadha manummaa- wajjiin qabu ilaalla. Kunis rukuttaa kanaaf hubannoon sirriin maali?adeemsi sirriin maatiin Islaamaa akka walii galaatti bifa sirrii ta’een irratti ijaaramu maali? Keessattuu jaarraa amma keessa jirru kanaaf adeemsi sirriin hariiroo jaalalaa fi marartoo mirkanessuudhaan

akka maatiin jabduu fi wal-qabattu taatu isa kami? Adeemsi guddisni afuuraa, lubbuu fi miiraa daa'ima Muslimaa nagaa tahee daa'imni jabaan, amanamaan, kan shoora addaa taphachuu danda'uu fi gufuuwwan ammayyaa kana dura dhaabbachuu danda'u akkamitti argamuu fi mirkaneeffamuu danda'a kan jedhu ilaalla.

Dhimmi dubartii rukutuu adeemsa hariiroo maatii keessatti bifa jabaa ta'een ka'a; iddoo addaa qaba. Ergaa Qur'aanaa keessatti itti akeekuun dhufee jira. Hiikni isii kan seenaa, kan hambaa, hubannoo fi shaakalli namaa gara kaballaa, reebichaa fi kkf, waan isa hordofee dhufu kan akka miira dhukkubbii fi xiqqeenyaatti jijjiirame. Kunis hanga xiqqeenyaa fi laalaa ykn miidhaa qaamaa irraa ija gadi qabachuudhaani. Hanga adabbii kana ilaalchisee fatwaan Ulamootaa rigaa fi waan isa fakkaatu kan akka *buruushii* ilkaanii fi qalama irsaasaatiini jedha. Kunis deebii Ibni Abbaas kenne irraa hubatamuu danda'a.

Axaa' namni jedhamu“Rukutta hin madeessine” (kan hadiisa keessatti dubbatame) irraa Ibni Abbaasin gaafannaan iddoo kanatti rukuttaa jechuun xinneessuu fi rakkisuutti hiikuu caala xixuu fi dallansuu agarsiisutti hiikutu Dhihaata isa jedhuun deebise.

Gama biraatiin immoo fatwaan Ulamootaa (beektotaa Islaamaa) rukutta ilaalchisee “Afurtamaa gadi” jedha.

kan dhimma tokkoon dhaabbatu, kan itti gaafatama baadhatu, jechuun hiikan. Ennaa hiikni *Qawwaamaa* ba'aa baadhachuu, jiruu tolchuu fi itti gaafatama fudhachuu ta'ee wanti hubachuun barbaachisu abbaan manaa dhimmoota maatii fi ilmaan isaatiin dhaabbachuun dhimmoota maatii baadhachuu fi akka dubartiin gahee guddisa ilmaanii keessatti qabdu bahattu gargaaruu keessatti qoonni abba manaa gooda barbaachisaa fi isa bu'uuraa ta'uu isaati. Sababni cimaan Rabbiin dhiiraaf dandeetti waa hojjachuu fi isaaf qophii ta'uu kenneef inni guddaan akka inni dubartii fi daa'ima isii gargaaruufi. Kanaaf jecha gahee oogganummaa dhiiraaf kennee dirqama irratti godhe. Amantiin Islaamaa jireenya maatii, gahee dhiiraa fi dubartii qindeessitee jirti. Kunis dhiirri aantummaa maatii, haadhaa fi daa'ima, isaanis gara isaatti hirkachuu of keessaatti hammata. Akka uumamaattis dhiirri kaka'umsaan/miiraan, qulqullinaa fi wareegama kafaluudhaan gahee isaa bahata. Gama biraatiin immoo kan kana bakka bu'u, dhaabbata maatii caccabsuu fi diiguu, rakkoolee jajjaboo sana hordofee dhufu kan akka rakkoo lubbuu fi jireenyaa/qabeenyaa kan haadhaa fi daa'ima mudatuu fa'a. Rakkoon kunis bal'ina jiruu fi nageenya isaanii rakkoo keessa buusti; eenyummaa daa'ima fi hirkannaa isaa kan namummaa balleessiti. Dhugaa kana immoo hawaasa maatiin isaanii diigamte, kan abbootii fi gaheen isaanii dhabamee ilmaan maatii akkasii hawaasa keessatti jallina, yakkaa fi badiidhaaf saxilaman keessatti argaa jirra.

Dogoggorri baay'inaan faffaca'ee jiru gahee dhiirummaa fi dubartummaa maatii keessaa luqqisanii dhimmoota jiruu kan biroo, dhaabbilee biroo kanneen gahumsa irratti hundaa'uun tokko tokkoon dhiiraa fi dubartiitiif kennitu, kan osoo saala hin ilaalin dandeettii, ogummaa fi gahumsa gahee sana bahachuuf namni qabu qofa irratti hundaa'uun kennamu qofa irratti hirmaachisuudha. (kana jechuun dhimma hojii biroo keessatti gahumsaa fi ogummaa irrati hundaa'anii dubartiif gahee hojii kennanii dhimma maatii keessatti hojii keessaa baasuu jechuudha).

Dubartoonni gaggaariin (Rabbii fi dhirsa isaaniitiif) ajajamtoota. Waan Rabbiin tiksuu isii irra kaa'e fagootti (enna dhirsi isii bira hin jirre) tiksitoota. Warra jallinaa isaanii sodaattan isaan gorsaa. Bakka ciisichaatti isaaniin oodaa. (Rukutta hin mine, hin madeessine) isaan rukutaa. Yoo isiniif ajajaman karaa isaan irratti hin barbaadinaa! Rabbiin ol-tahaa guddaadha.

Wal-dhabbii jidduu isaanii yoo sodaattan nama haqaa tokko warra/fira isaa irraa, nama haqaa tokko warra isii irraa ergaa. Yoo tolchuu fedhan Rabbiin jidduu isaanii walitti tolcha. Rabbiin beekaadha.”⁽⁷⁾

Keeyyata kana hubachuuf seera maatii kan walii galaa keessa kaa'uun dirqama ta'a. Kunis akka kaayoo amantiitti ergaa isii tolchaniin hubachuun akka nuuf mijjatuufi. Rabbiin Qur'aana Isaa injifataa keessatti akkana jedhe:

﴿يَا أَيُّهَا النَّاسُ اتَّقُوا رَبَّكُمُ الَّذِي خَلَقَكُمْ مِنْ نَفْسٍ وَاحِدَةٍ وَخَلَقَ مِنْهَا زَوْجَهَا وَبَثَّ مِنْهُمَا رِجَالًا كَثِيرًا

وَنِسَاءً ۚ وَاتَّقُوا اللَّهَ الَّذِي تَسَاءَلُونَ بِهِ وَالْأَرْحَامَ إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَلَيْكُمْ رَقِيبًا ﴿١﴾ النساء: ١

“Yaa ilmaan namaa! Rabbii keessan kan lubbuu tokkittii irraa isin uume, isii irraa qindii isii uume, jara laman irraa dhiira hedduu fi dubara facheese/uume sana sodaadhaa!

Garuu wanti hubachuu qabnu, dubartiin gahee haadummaa biratti dabalataan sababoonni biroo kan mijjeffannaa fi badhaadhina/gammachuu isiidhaaf mirkaneessu hundi isiidhaaf guutamuu qaba. Dhimmi haadummaa immoo dhalli namaa addunyaa kana irra jiraachuuf wanta dirqama barbaachisaa ta'ee fi kan irraa of gahamuun hin danda'amneedha.

⁽⁷⁾Nisaa'ii: 34-35

Rabbiin kan ittiin wal-kadhattanuu fi firooma (kutuu) sodaadhaa! Rabbiin isin irratti tiksaa/to'ataa ta'ee jira. ⁽⁸⁾

﴿ وَمِنْ آيَاتِهِ أَنْ خَلَقَ لَكُمْ مِنْ أَنْفُسِكُمْ أَزْوَاجًا لِتَسْكُنُوا إِلَيْهَا وَجَعَلَ بَيْنَكُمْ مَوَدَّةً

وَرَحْمَةً إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ لِقَوْمٍ يُفَكِّرُونَ ﴿٢١﴾ الروم: ٢١

“Akka gara isiitti raggaatanuuf (isii wajjiin boqottanuuf) lubbuu keessan irraa warreetii isininiif uumee jaalalaa fi gara laafina jidduu keessanitti taasisuun mallattoolee Isaa irraayyi. ⁽⁹⁾

﴿ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ ۝ قَالَ تَعَالَى ۝﴾
﴿ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ ۝ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ ۝ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ ۝﴾
﴿ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝ قَالَ تَعَالَى ۝﴾
﴿ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝﴾

﴿ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝ اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ۝﴾ البقرة: ٢٣١

“Ennaa dubartii gadi dhiistanii baallamni isaanii gahe (dhumuuf Dhihaate) haala beekamaan isaan qabadhaa/wajjin jiraadhaa! Yookii haala beekamaan (haala gaariin) geggeessaa! Miidhaadhaaf (jara irratti) roorrisuuf isaan hin qabinaa! Namni sana hojjate dhugaatti lubbuu isaa miidhe. Keeyyatoota Rabbii qoosaa hin godhatinaa! Tola Rabbiin isin irratti (oolee), Qur'aanaa fi murteewwan (isa keessaa) irraa waan Rabbiin isin irratti buuse yaadadhaa! Isaan isin gorsa.

(8) Nisaa'ii: 1

(9) Ruum:21

Rabbiin sodaadhaa! Rabbiin waan hunda beekaadhaa beeka!”

(10)

﴿ الشجرة النخيل المصون العنكبوت الزور القمان السحابة الاجراب سكب قطر
بين الصافات وفي الرجز كظلمة فضاء الشورى الخروف الدجاجة الجائبة الاحقاد
مخسرة البنتج المخزلات في الدارات الطور الجند البسكة الحنك الواقعة الخلد
الجباله المشير للمبتدع الصوف المبتدع المتأفون النجاة الطلاق العجوة المالك
القائمة للقله المخلد روح الحق الترمك المثر القيامة الاشك المسلاية ﴾ البقرة:

٢٢٩

“Gad-dhiisaan (keessa deebii qabu) yeroo lama. Haala beekkamaan qabachuu (wajjin jiraachuu) yookii haala gaariin geggeessudha. Yoo daangaa Rabbii dhaabuu (eeguu dhabuu) isaanii sodaattan malee waan isaaniif (dubartootaaf) kennitan irra waan tokkollee fudhachuun isiniif hin eeyyamamu. Yoo daangaa Rabbii eeguu dhabuu isaan lamaanii sodaattan waan isiin ittiin of-baaste keessatti (yoo isiin of-baaste) badiin isaan lamaan irra hin jiru. Kun daangaalee Rabbiitii isii hin darbinaa! Namni daangaa Rabbi dabre warra lubbuu ofii miidhe irraayyi.” (11)

Yeroo akka amanti dimshaashaa fi hidhannaa nabiiyiitti bifa walii galaatiin keeyyatoota Qur’aanaa kana ilaalle dhukni hariiroo abbaa manaa fi haadha manaa miira jaalalaa fi

(10) al-Baqaraa: 231

(11) al-Baqaraa: 229

mararfannaa ta'uu agarra. Hariiroo abbaa manummaa fi haadha manummaa kan hogganu jaalala, mararfannaa fi ihsaanni (waa tolchuu, waan gaarii hojjachuudha).

Kanaafuu hubannoon nu bira jiru maaliif hiikaan rukuttaa laalessuu fi xiqqeessuutti fudhatame kan jedhuu fi hariiroo gochi akkanaa hariiroo maatii Islaamaa keessatti qabu irraa gaafachuun hedduumaata. Keessattuu adeemsa wal-fudhachuu fi jaalala jidduu haadha manaa fi abbaa manaa mirkaneessuu fi waldhabbii jidduu isaanii hiikuu keessatti. Qabatma jireenya hawaasummaa ummanni Muslimaa ammayyaa keessa jiruu fi dubartoonni gariin ol-aantummaa fi goggogiinsa calanqisiisan tilmaama keessa seensisuun dhimma kanaaf xiyyeeffannoo addaa kenna.

Sababa fatwaa gara garaa kan dhaabbanni/bultiin maatii jaalala, wal-guutu, wal-gargaaruu fi wal-danda'uu irratti kan hundaa'e ta'uu akka qabu wallaaluun (bakka kennuufii dhiisuun) abbaan manaa mataa/hogganaa maatiiti jechuu sababatanii hoggansa maatii keessatti dhiiraaf aangoo guutuu kennuu keessatti daangaa darbanii ilaallee hubannoo ergaa Qur'aanaa fi Hadiisaa keessatti dogoggoruu hin qabnu. Carraa kanatti fayyadamnee dubartii fi maatii akka murna qabeenyaa ykn gabrootaatti ilaaluu hin qabnu.

Ennaa balaan/rakkoon jaarraalee darbee fi mijjeen (mijjeeffannaan) isii mijjee fi gahee dubartootaa kan dhimma maatiitiin alaa dubartii irraa fuutee itti gaafatama hedduu gurmoo dhiiraa irra kan keesse yeroo ta'u, jaarraalee sana

keessatti humna irreetu hiree dhiheessuu, nageenyaa fi tika tokko tokkoo maatii eeguuf meeshaa barbaachisaa ture. Akkasumas yeroo sanatti humni dubartii guddaan ganda isii, abbaa manaa fi ilmaan isii tajaajiluu irratti dhuma. Kanaaf malli isii dadhabuudhaan beekumsi isii (wahitti gahuun isii) daangeffama; wanti dhimma maatiitiin alaa dhimma maatiitiin hidhamti. Qabatama yeroo Sanaa bu'uureffachuudhaan hawaasni yeroo Sanaa hariiroo maatii keessatti dhiirri abbaa aangoo ta'uu hin mormine. Garuu haalli addunyaa ammaa keessa jiru kan gaafa Sanaa irraa wal-dhaba. Kunis meeshaalee fi dandeettiin argamuu, daangaaleen beekumsaa bal'atee dubartiif carraa omisha bal'aa, mijjee diingdee of dandeessee horachuu, maatii isii xiqqoo bira dabartee dandeettii beekumsaa fi teknooloojii guddaa argachuu isiiti.

Kanaafuu akka gadi kufiinsi itti hin fufneef, lubbuu miseensa maatii hundaa keessatti hubannoo fi miirri miseensi hunduu gahee ofiitiin dhaabbatee gahee ijaarsa maatii irratti wal-gargaaruu horatuuf hariiroo maatii jidduu jiru haala yerootiin wal-qabsiisanii hubachuuf irra deebi'anii ilaaluun dirqama ta'a.

Rakkoolee (dubbii wal-fakkaataa) qo'annaa kana keessatti na mudate keessaa tokko hiikni jecha '*Darb/rukutuu*' jedhu kan Qur'aana keessa jiru hiika laalessuu, qaama dhukkubsuu fi lubbuu xiqqeessuutti hiikamuudha. Kun immoo laalaa fi dhukkubbiin kun hangam akka ta'e xiinxaluu irraa ija gadi qabataniiti. Tarkaanfiin kun akka tooftaa ittiin namoonni of-baran (*al-baaligiin/warri* sadarkaa dirqama amantii

baadhachuu gahan) waliin jiraatan, tooftaa ittiin dubartii fedhii abbaa manaatiif gadi jechisiisan, kan itti abbaa manaa isiitiif ajajamuu fi wajjiin jiraachuu irratti kaasan godhamee waan fudhatameefi.

Akka naaf mul'atutti, haalli kun kan ta'uu danda'u yoo dubartiin Muslimaa akkuma amantii fi aadaawwan biraa hariiroo abbaa manaa fi haadha manaa keessatti carra fedhii abbaa manaa isiitiin ala hiikamuu hin dandeenye ta'e qofa kaayyoo kana galmaan gahuuf jecha laalaa fi dhukkubbiin qaamaa ykn kan lubbuu akka tooftaatti fudhatamuu danda'a. Garuu kun amantii Islaamaa keessa hin jiru.

Amantiin Islaamaa jaalalaa fi marartoo (gara laafina) irratti hundaa'e. Sababoota akka maatiin wal-qabatan, akka wal-gargaaran, sababoota eenyummaa maatii fi tokko tokkoon miseensa maatii, gosootaa fi waan isaan itti of hirkisanii eegan hunda guutuu irratti bololte (xiyyeeffannoon irratti hojjatte).

Kanaaf jecha, miseensummaan maatii Islaamummaa keessatti kan fedhii irratti hundoofte taate. Dirquun, aangoo wal-irratti agarsiifachuu fi miidhuun iddoo hin qabu. Yoo maatiin lameenuu waliin jiraachuuf fedhii hin qabne jarri lachuu hariiroo waliin jireenyaa xumuruu ni danda'u. Hariiroo maatii jibbaa fi wal-dhabbii irratti hundaa'e irra mamii tokko malee wal-hiikutu maatii hundaaf caalaadha. Islaamummaa keessatti abbaan manaa yoo warra isaa jibbe hiikuu mirga qaba. Haati manaas yoo abbaa manaa isii jibbite of baasuu (*kul'ii* godhuu) mirga qabdi.

Of-baasun kun kan ta'uun *mahrii/nikaah* fudhatte isaaf deebisuun, yoo walii galtee isaan lameeniitiin ta'e waan mahriidhaa gadii isaaf kenuudhaani. Wanti qabeenyi kennamu kun hanga gaafa duraa mahriif kenne ykn sanaa gadi godhameef yoo qabeenyi deebifamu qabeenya isii kan biraa ykn kan firoottan isii ta'e qabeenya sana barbaachaaf jecha akka hiikkaan gaahilaa hin argamneefi. ⁽¹²⁾

Dirqii fi rukuttaan tooftaa dubartii fedhii jaalala isiitiin ala waliin jireenya fudhachiisan tahuun hin malu. Akkasumas rukuttaan bifuma fedheenuu tooftaa ittiin afuura jaalalaa jidduu abbaa manaa fi haadha manaatti argamsiisanii miti. Tooftaa hariiroo waliif adooddii (*al-hamiimiyah*)fi isii amanuu ittiin argamsiisan miti.

⁽¹²⁾ Asitti wanti hubachuu qabnu, keeyyanni Qur'aanaa kan waa'ee *Kul'ii*/of-baasuu dubbatu hanga qabeenya dubartiin kennitee of baastuu sana daangessuu baatus murteen nabiyii hanga isaa ol'aanaa daangessee jira. kunis *mahrii* abbaan manaa duraan kennee fuudhe ykn waan sana madalu qofa. Ergamaan Rabbii dubartitti abbaa manaa isii irraa of hiikuu barbaadde isaan gaafatte sanaan "Hoyruu isaa ni deebostaafii?" jedhan malee sana irratti idaasaa hin qabu. Hanga mahrii irratti ida'uun akka abbaan manaa qabeenya argachuuf jecha isii rakkisee akka isiin qabeenya kennitee gaahila hiiktu hin gooneefi. Iccitiin hanga kennanii of baasan daangessuu keessa jiru isa kana. Ennaa hanga isaa daangeffame hadha manaa fi abbaa manaa birattis qabeenyi sababa diiggaa gaahilaa hin ta'u. murteen fedhe kan hanga mahriitii ol kennuu murteessu sababoonni daangeffamaan kan haati manaa abbaa manaa isiitii wajjin jiraachuu jibuudhaan ala jiru, kan abbaa manaatiif bakka buusuu haqa taasisu, kan isa keessatti haala hunda keessatti abbaan manaa fi haati manaa wal-qixxaatan jiraachuun dirqama.

Yeroo haala adeemsa keeyyata Qur'aanaa kan suuraa Nisaa'ii keessatti dubbatamee darbe, tan hariiroo jidduu haadha warraa fi abbaa warraa tolchuutti xiyyeeffatte (enna haadhamanaa irraa afuurri jallinaa, mata jabeenyaa fi waliin jireenya gaahilaa diduun mul'ate) ilaalle, adeemsa kana karaa lamaan agarra.

Kan duraa: rakkoo jallina dubartii fi wal-dhabbii abbaa manaa fi haadha manaa jidduu jiru osoo qaamni sadaffaan keessa hin seenin hiikuudha. Kun immoo tarkaanfii sadii of keessaa qaba. Isaanis:

- 1- Isaan gorsuu
- 2- Iddoo hirribaatti isaaniin ooduu fi
- 3- Isaan rukutuudha.

Kan lammaffaa: Yeroo abbaan manaa osoo qaamni alaa (qaamni sadaffaan) jidduu hin seenin rakkoo wal-dhabbii hiikuu fi afuura jaalalaa deebisuu, dhimma hariiroo waliin jireenya isaan lamaan qofa ilaalu keessatti haadha manaa gara ajaja isaatti deebisuu dadhabe, yeroo kana isaan lameenuu firoottan isaanii jidduu seensisuudhaan akka isaan wal-dhabbii jidduu isaanii, sababa wal-dhabbii fi wantoota sanatti geessan ilaalan, akka isaan gorsan, isaan qajeelchan, akka hariiroo diigamee fi addaan faca'e deebisanii ijaarani fi akka jidduu isaan lameenii walitti tolchuu irratti gargaaran gochuun dirqama ta'a. Rabbiin akkana jedhe:

سُورَةُ النَّاسِ بِرَبِّكَ الرَّحْمٰنِ الرَّحِیْمِ الْیَسْمٰکَ الْمُبٰرَکَ

الْاَنْعٰمِ الْاِحْرَاقِ الْاَفْکٰرِ الْبَوٰخِیْرِ وَالنِّسَاءِ: ۳۵

“Wal-dhabbii jidduu isaanii yoo sodaattan nama haqaa tokko warra/fira isaa irraa, nama haqaa tokko warra isii irraa ergaa. Yoo tolchuu fedhan Rabbiin jidduu isaanii walitti tolcha. Rabbiin beekaa keessaa fi alaati.” ⁽¹³⁾

Wanti ifa nuuf gale, adeemsi Qur’aanaa haala hunda keessattuu hariiroo jiddu abbaa manaa fi haadha manaa tolchuu, bu’uura jaalala lubbuu irratti hunda’anii tarkaanfii gaarii fudhchuun, galma gaariitti gahuuf jidduu isaanii walitti tolchuu irratti xiyyeefachuu isaati. Kanaaf Qur’aanni ennaa haati manaa abbaa manaa irraa fagaachuu fi isa faallessuu mul’iste akka abbaan manaa taa’ee dhimma jiru isiidhaaf ibsu, isii gorsuu fi isii xixu ajaje.

Kana keessa wanti jiru, abbaan manaa hariiroo waliin jireenyaa irratti bololuu, fi jidduu isaanii tolchuutti gara galuu isaa, dhimmicha ibsuu: waan lubbuu isaa keessa jiru, amalli isaa kan isii irraa adda ta’uu, kanaan wal-qabatee haqa isaa kan isii irra jiru kan tarii haati manaa hin beeknee fi bal’ina isaatti hin geenye ibsuudha.

Haala kanaan waldhabbii jidduu haadha manaa fi abbaa manaa hiikuuf tarkaanfiiin duraa wal-marii fi yaadachiisuudha. Tarii dubartiin meeshaa isii kan dubartummaa bifa sirrii hin taaneen faallaa dhiiraa fi dadhabina saalaa kan inni isii wajjiin

⁽¹³⁾ Nisaa’: 35

qabu keessatti fayyadamuu dandeessi.Yoo haati manaa wallaalumaanis ta'ee sababa abbaa manaa isii irratti gootomuu (mataa jabaachuu)tiin dubbii isaa, ibsaa fi gorsa isaa dhagahuu didde, abbaan manaa gara tarkaanfii irra fagootti tarkaanfachuun dirqama ta'a. Erga jechaan gorse booda gara gochaatti darbuun dirqama ta'a. Kunis iddoo ciisichaatti ittiin ooduudha.

Wanti kun barbaachiseef, dubartiin akka dhiirri isitti dhimmuu fi dugda isii irraa galuu isa irratti obsuu akka hin dandeenye waan beektuuf ennaa dhiirri firaashii isii irra fagaachuu fi iddoo ciisicha isaatiin ooduu agarte dhimmichi cimaa ta'uu fi murannoo abbaa manaa isii beekti. Hariiroon jidduu isaanii rakkoo dhugaa keessa jira jechuu beektee isa irra gara galuu, mata jabeenyaa fi jallinaa isii irraa deebiti. Jidduu abbaa manaa fi haadha manaatti hariiroon jaalalaa fi marartoo ni deebiti. Yoo isheen dugda galiinsaa fi isa irraa dheessuu ishee irratti hafte dhimmichi jabaatee itti yaadamees ta'u osoo itti hin yaadamin sadarkaa hamaa bultii diigu gaheera jechuudha.

Jiruun maatii bifa kanaan itti fufuu waan hin dandeenyeef gamni lameenuu booddee dhimma kanaa, bakka jiruun maatii isaanii geessee fi kufiinsa isiin ittiin xumuramuu deemtu beekuu qabu.

Asitti gafiin ka'uu, osoo dhimmichi daangaa abbaa manummaa fi haadha manummaa keessaa bahee qaama sadaffaa bira hin gahin dura akka abbaan manaa fi haati manaa

dhimmichi hamaa ta'uu fi booddeen isaa badaa ta'uu hubataniif maaltu godhamuu mala? Kan jedhuudha.

Qaamni sadaffaan kan Rabbiin dubbate,



“Nama haqaa tokko warra/fira isaa irraa, nama haqaa tokko warra isii irraa ergaa.” jedhe sun akka rakkoo jidduu isaan lameeniitti argame ilaalanii yoo waliin jireenya fedhan waan haala isaanii tolchu akka gorsaniif, ykn haala gaariin akka adda ba’an akka taasisaniifi.

Tarkaanfiwwan wal-dhabbi jidduu abbaa manaa fi haadha manaa hiikuu keessatti tarkaanfiin itti aanu rukuttaadha. Rabbiin akkana jedha,

صَدَّ اللَّهُ الْعَظِيمَ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ أَعُوذُ

“Isaan rukutaa. Yoo isiniif ajajaman karaa isaan irratti hin barbaadinaa!” jedhe.

Dhimmi kun wanta hubachuun nu babaachisuudha. Kaayyoo hariiroo jidduu haadha mana fi abbaa manaa tolchuu xiyyeeffannoo keessa galchinee hubachuu qabna. Kunis kan ta’u yeroo wal-dhabbiin jidduu isaniitti argamu, ennaa haati manaa gorsa, dallansuu mul’isuu fi iddoo ciisichaatti isiidhaan ooduu bira dabartee waliin jireenya abbaa manaa isii kan didduu fi kan isa faallessitu taateedha.

Gaaffiin asitti ka’u “Hiikni Rukuttaa kan asitti itti fedhame maali?” kana jechuun kaballaa, ykn tumuu ykn gosoota rukuttaa biraa kan dhukkubbii qaamaa fi xinneenya lubbuu dubartii irraan gahu, kan isaan akka dubartiin osoo hin jaal’atin abbaa manaa isiitiif gadi jettee bultu isii dirquu jechuudhaa? Yoo hiikni isaa akkana ta’e kaayyoon of jalatti gadi jechisiisanii bulchuu maali? Tooftaalee miidhaa xinneenyaa kana fayyadamaniid dubartii of-jalatti bulchuun miira jaalalaa fi gara laafinaa (marartoo) abbaa manaa fi haadha manaa jidduutti ni uumaa? Hariiroo aantummaa fi walitti hirkannaa jidduu jaraatti ni eegaa? Sababoota of-tiksuu fi yeroo wal-bira hin jirre of to’achuu fi waliif amanamuu ni fidaa? Eenyummaa maatii kufiinsaa fi diigamuu irraa ni eegaa?

Rukuttaan hiika kaballaa, ykn miidhaa qaamaa fi lubbuutti yoo hiikne tooftaan kun tooftaa akka haati manaa maatii keessatti haftuu fi irratti eeggattu/turtu kan jabeessuudhaa? Rukuttaan kun dubartii Muslimaa kan mirgaa fi kabajaa isii beektu injifachuu ni danda’aa? Kan abbaan manaa isii ishee rukutuu fi laalessuu irraa hin eeganne akka isiin isaa wajjiin hidhaa isaa keessa jiraattu ni dirqaa? Moo Islaamummaa keessa furmaata salphaa hidhaa kana keessaa isii baasutu jira (of-baastee addaan bahuudhaan)?

Yoo rukuttaan qaama ykn lubbuu laalessuun tooftaa gaarii maatii ijaaruu fi hariiroo maatii isa sirrii hin taane, yoo kan aantummaa fi jaalala dubartii hin finne ta’e, akka isiin maatii keessa turtuu fi hariiroo maatii itti fuftu kan hin gargaarre ta’e maaliif dhiirri gariin hubannoo dogoggoraa hubate. Dhiirri

tokko tokko jecha Qur'aanaa kan “*Darb/Rukutta*” jedhu sababa godhachuu qalbii jabinaan dubartoota irratti tarkaanfii rukutta fudhata. Kunis carraa dubartoonni tokko tokko sababa rakkoo qabeenyaa ykn ilmaan isaanii irratti sodaadhaaf jecha obsuuf dirqaman fayadamuudhaani.

Egaa Qur'aana keessatti jecha ‘*Darb*’ jedhuun kan itti fedhame akka dubartiin dhiiraaf gadi jettuuf, osoo jibbituu akka isiin fedhii isaatiif bitamtu mirga rukutta kan qaama laalessuu fi isii xinneessu isiidhaaf kennuudhaa? ⁽¹⁴⁾

⁽¹⁴⁾ Ibni kasiir hiika keeyyata Qur'aanaa kan “Qawwaamah” jedhu kan suuraa Nisaa'ii keessa jiru ilaalchisee al-Hasan al-Basrii irraa odeessani jiran. Innis akkas jedha: “Sababni bu'iinsa keeyyata Qur'aanaa kanaa, dubartiin takka abbaa manaa kiyiyatu na kabale jettee gara ergamaa Rabbii (SAW) dhufte. Ergamaan Rabbii “al-Qisaas/isa irraa haa kafalamu” jedhan. Achiin Rabbiin “**Dhiirri dubartoota irratti to'ataadha**” jechuu buuse. Ahumaan osoo irraa hin kafalamin deebite. Gabaasa biraatiin immoo “Nuti dhimma tokko yaanne; Rabbiin dhimma biraa yaade; kan Rabbi yaadetu caala” jedhan. hadiisichi da'iifa/dadhaba ta'uu hin oolu. Sababni isaas, Nasaa'ii, al-Ma'aajim fi al-Masaniid keessas brbaannee dhabne. Osoo kan sahiha/qulqulluu ta'u ta'eeyyuu kaballaa fi rukuttaan karaa godhamaadha jechuu miti. Hiikni hadiisichaa, yoo akka tasaa kaballaa fi roorroon qaamaa argame hariiroo maatii keessatti kafaltiin hin wal'aanamu jechudha.

Gumaa baasuun/nama irraa kafaluu fi wanti isaan wal-qabatu dhimmicha dirree baasuu fi xinneenya mul'isuudha. Kun immoo furmaata jidduu hadha manaa fi abbaa manaa miti. Haqa ilmaanii eeguunis kana keessa hin jiru. haalli akkasii yeroo hedduu adda ba'iinsatti geessa.

Akka hundattuu, keeyyanni Qur'aanaa kabaluu, rakkisuu, laalessuu fi xinnessu hin eeyyamtu. Kun dhimma biraati. Ejjannoon ergamaan

Yoo dubartiin mirga abbaa manaa isii jalaa of baasuu qabaatte rukuttaan, laalessuu fi xinneessuun hariiroo maatii fi waliin jireenyaa to'achuudhaaf iddoo hin qabu. Inumaa hidhaa fi hariiroo jidduu maatii jiru dadhabsiisuudhaan diigamuu fi kufiinsa maatiitti geessa. Kanaafuu dhimmicha gadi fageenyaan ilaaluun, jecha '*Darb*' jedhuun kan itti fedhame kana jedhanii oso hin dubbatin dura akeekaa fi bal'ina isa dhugaa beekuun dirqama ta'a.

Adeemsa Qur'aanaa kan ennaa inni waa'ee rukuttaa dubbatuu yoo ilaalle, walddhabii jidduu haadha manaa fi abbaa manaa walii galteenis ta'ee adda ba'iinsaan hiikuuf qaama alaa jidduu seensisuun dura karaa caalaa ta'een, karaa jaalalaa fi mararfannaa jidduu isaan laamiitti argamsiisuun sirreessuuf qabsaa'uutti xiyyeeffata.

Rakkoo fi walddhabii jidduu hadha manaa fi abbaa manaa hiikuuf humni, xuxxuqaa fi dirqisiisuun furmaata hin ta'u yoo ta'e wal-ddhabii jidduu haadha manaa fi abbaa manaa hiikuu

Rabbii (SAW) kana diduu fi mormuudha. Wanti keeyata Qur'aanaa irraa dirqama hubatamu yoo abbaan manaa akka tasaa kan haadha manaa isaa irratti roorrisee kabale, hariiroo jidduu isaan lameenii tolchuuf tarkaanfiin rukuttaa, laalessuu fi xinneessuu (gumaa baasuun) hin fudhatamu jechuudha. Akunis bbaa manaa irraa gumaa kafaluun adda ba'iinsa fida malee walii galtee hin fidu waan ta'eefi. Kun hanga midhaan sun sadarkaa jal'inaa/roorroo hin ga'initti. Yoo haala kanaan waliin jirenya itti fufuun hin danda'amne ta'e, yoo halli itti geessinaan dirqama abbaa murtii jidduu seenuun barbaachise osoo abbaan murtii jidduu hin seenin kan raawwatamu ta'us bifa gaariidhaan, karaa jaalalli itti fufuun, karaa faaydaan egeree isaanii fi ilmaan isaanii eegamuun ta'uu qaba.

ilaalchisee kan Qur'aanni 'Darb/Rukuttaa' jedhee dubbate maaltu itti yaadame (hiikni isaa maali)? Rukuttaa isa qaama namaa laalessu moo jecha ergifannaa (*al-Majaaz*) kan hiika biraa qabuudha?

Jechi '*Darb*' jedhu bifa adda addaatiin akka ergifannaatti itti fayyadamamee jira. fkn jecha Rabbii ol-ta'ee kan armaan gadii keessatti:

﴿الْفَائِزَةُ الْبَهْمَةُ الْغَيْرَانِ السَّبْعُونَ﴾ النحل: ٧٦

“*Rabbiin fakkii taasise*” ⁽¹⁵⁾

وإذا ضربتم في الأرض

“*Ennaa dachii keessa deemtan*” ⁽¹⁶⁾

Yoo hiika Ibni Abbaas fudhanne 'Rukuttaa hin madeessine' jechuudhaan kan itti yaadame rigaa (*siwaakii*) dhaan tuquudha. Kana jechuun adabbii isa qaamaa fi lubbuu laalessuu miti. Hiikni isaa sochii, rigaadhaan tuquu fi kkf dha. Kun immoo gocha ykn sochii isii jaalachuu dhabuu, dallansuun isaa kan dhugaa ta'uu, haadha manaa isaa irraa garagaluu fi abbaa manaa kan firaashii isiitiin oode irraa fageessuu ibsuufi. Kun faallaa harkaan tuquuti. Harkaan tuquun akka nama biratti baratametti jaalalaa fi gadi jechuufii irratti akeeka.

Hiikni kun gaariidha. Rakkoo hin qabu. Hariiroo ulfinaa fi kabajaa kan jidduu abbaa manaa fi haadha manaa jiraachuu qabuu fi hidhaa waliin jireenyaa hin balleessu. Akkasumas hiikaa '*Darb*' jedhu kan qaama laalessuu, xinneessuu fi

⁽¹⁵⁾ al-Nahl: 76

⁽¹⁶⁾ al-Nisaa': 101

humnaan of-jalatti bulchuu sana of keessaa hin qabu. Kun faallaa hiika gariin *fuqahaa* kennaniiti. Akka hiika garii fuqahaa kanaatti ‘*darb*’ jechuun rukutaa yeroo digdamaa gadii ykn afurtamaa gadii rukutuu jechuudha jedhan. hiika isaanii kana keessatti qaama hunda irra facaafamee rukutama moo iddoo tokko rukutama moo iddoo baay’eedha, qama ni madeessa moo hin madeessu, lafee cabsamoo hin cabsu, dubartittiin lubbuun hafte moo hin hafne kan jedhu ibsa itti hin kennine. ⁽¹⁷⁾

⁽¹⁷⁾ Abuu Ja’far Muhammad bin Jariir al-Xabarii, Jaami’ al-Bayan fi Tafsiir al-Qur’aan, moggaa isaa kan jiru kitaaba ‘Tafsiir garaa’ib al-Qur’aan wa Ragaa’ib al-Furqaan’ jedhamu kan Nizaamuddiin al-Hasan bin Muhammad bin Husayn al-Qammii, al-Naysaabuurii qabee 4^{ffaa}, fuula 40-44.

Akka tafsiira Xabarii keessa jirutti jechi ‘Rukutaa hin madeessine’ jedhu jallinaa fi wal-dhabbii jidduu abbaa manaa fi haadha manaa wajjiin wal-qabatee hin dhufne. Garuu waa’ee sagaggaalummaa fi nama inni jibbu firaashii isaa irra teessisuu wajjiin wal-qabatee dhufe. Dhimmi kun dhimma amaanaa fi kabaja dubartii sanaan wal-qabatu fi hariiroo jidduu isaan lamaanii keessatti dhimma ijoo ta’een wal-qabateeti. Haadha manaa fi abbaa manaa, ilmaanii fi abbootii birattis waan akkanaa dirree baasanii dubbachuun ni ulfaata.

Kunis waan dhimmichi faana badaa hawaasummaa kan abbaa manaa fi haadha manaa biratti osoo hin dhaabannee abbaa isaanii, ilmaanii fi firoottan isaanii gahuufi. Kanaafuu beektonni hawaasummaa amantii bifa gara garaatiin keessummeessuuf kallatti gara garaatiin ilaaluu qabu. Qaamota dhimmichi ilaalu kan akka maatii fi abbootii aangoo walii galaatiin ilaaluun bifa maatii fi hariiroo maatii, faaydaa gama hundaa, duudhaalee fi kabajaa eeguun, bifa kaayyoo ergaa fi nama ergaan sun ilaallatuu, naamusa gorsaa fi sirreessaa gara garaa eeggateen ilaalanii furuu qabu.

Akkasumas ‘Rukuttaa hin madeessine’ jechuun dhaamsa hajjii dhaammannaa keessatti akka dubbatame hubachuu qabna. Akka galumsa dubbichaa fi kayyoo dubbii ergamaa Rabbii (SAW) hubachuu keessatti wanti barbaachisu, gabaasni hadiisa kanaa akka ergaa Qur’aanaatti wal-guutuu qaba (wal-simachuu qaba). Kunis kan barbaachiseef, gabaasa hadiisaa sana keessatti, kan irraa cite, ykn kan hir’ina qabu, ykn daguun, ykn se’insi yoo jiraate akka irra gahamuufi.

Dhimma kana keessatti wanti yaachisaan, *hadiisawwan Muslim, Tirmizii, ibni Maaajah fi Ahmad* gabaasan kan waa’ee rukuttaa hin madeessine rukutaa jechuu dubbattu dhimma sagaggalummaa mul’ataa hojjachuu, ykn agiboona (*kinaayaan*) kan waa’ee Sanaa dubbattu fkn “Nama isin jibbitan firaashii keessan irra hin ejjachiisin” jechuu, ykn kan lachuu of keessatti hammateen wal-qabatee kan dubbatame ta’uu agarra.

Gabaasa kanniin hunda ennaa walitti finnee wal-simachiisne, dabaliinsi gabaasa hadiisa kanaa keessatti dabalame (kan hadiisa hajjii dhaammannaa keessaa) akka waan gabaastonni gariin ibsi dabalataa kenninaaniif, garii isaanii irratti hundeen hadiisaa fi kan ibsa dabalataa kun isaan irratti wal-fakkaannaan wal-makanii ykn bakka dubbii bu’uuraa buusan akka ta’e salphaatti hubachuu dandeenya. Wanti akkanaa gabaasa dhageettii keessatti itti dammaquu barbaachisa. Kunis ennaa ergaan bu’uuraa kan ibsa ergichaatiif dubbatameen wal-makachuu irratti wanti akeeku mul’ateedha. Haalli kun hunda caala gabaasa Ahmad (19774) keessatti ifa ta’ee mul’ata.

Gabaasni Ahmad kun gabaastota hadiisichaa irraa addatti jechootaa fi himoota itti ida’e qaba. Wanti ida’ame sun dhimmoota jechoonni Qur’aanaa itti akeeku jedhamanii yaadaman ibsu fi hiikuuf kan dubbatame akka ta’etu mul’ata. Keessattuu jechi “ فان خفتهم نشوزهن/Yoo jal’ina isaanii sodaattan” kan jedhu wantoota jechootaa fi himoonni akkasii ergaa Nabiyyii (SAW) walii gala keessatti dhufuu fageessanii ilaaluuti nama kakaasu keessaa isa tokko.

Hiikni kun kan gara laafina of keessaa qabaachuu wajjiin yeroo darbe keessatti gaaddisa, akeekaa fi qaawwa hambisee jira. Namoonni hedduun akkuma yeroo darbee fuuldurattis carraa kanatti fayyadamuu, hubannoo dogoggoraa hubachuu fi sababaa ittiin rukutaa, kaballaa, reebichaa fi gosoota dubbii kana fakkaatanitti ittiin gahan gochuu irraa of qusataa hin jiran. Kunis amantii fi faatwaa fuqahaa tokko tokkoo sababsachuudhaani.

Kanaafuu hubannoon ergaa Qur'aanaa fi Hadiisaa kan haqa balleessuuf carraa hin dhiisne; tarkaanfii badaa fudhachuuf ulaa (balbala) banaa kan hin dhiisne ta'uu qaba. Kanatu bu'uura jaalalaa, gara laafinaa fi kabajaa irratti maatii ijaaruuf kaayyolee shari'aatti (amantiitti) Dhihaata.

Jechoonnii fi himoonni akkasii gasa hadiisa kanaa kan Ahmad gabaase malee kan biroo keessatti hin argamu. Kun akkuma jirutti ta'ee gabaasni kun akkuma gabaasowwan hadisa Hajjii dhaammannaa biroo-kanneen waa'ee firaasha irra ejjachuu dubbattuu- adeemsa Qur'aanaa kan waa'ee dabiinsa wal-dhabbii fi ajajamuu diduu kan keeyyanni 'al-Qawwaamah' dubbatte hin dubbattu. Kan dhimma kanaan wal-qabatee dhufe gorsuu, iddoo ciisichaatti ittiin ooduu fi rukutuudha.

Gabaasni kun dhimma biraa amala badaa irraa dubbatti. Amalli badaan kunis akkuma gabaasni biraa itti akeeketti sagaggaalumaadha. Gabaasni kun kallattiin addeessee osoo hin taanee agiboo (al-kallattii)dhaan dubbate. Innis firaahii irra ejjachuu jedhamee kan dubbatameedha. Cinaacha adabbii qofa irratti gabaabbate. Innis rukutuudha. Rukauttaa kanas gabaasni hunduu ibsa isaa “Kan hin madeessine” jechuu irratti waliif galan. Kana jechuun, rukuttaan kun amala sirreessuu fi malee aaloo/biiluu bahachuuf miti.

Kanaafan ani gama kiyyaan kallattiin gara jalqaba kitaaba kanaa keessatti ibseen gadi fageessee ilaalutti seene. Kunis ergaan amantii Islaamaa kan xumura hin qabne waan ta'eef, aadaa Rabbii kan kanaan wal-qabattu beekuun, addummaa yeroo fi iddoo eeguun waan dirqama ta'eefi. Akkasumas ilaalcha qixxisaa ilaaluu, hiika itti kennuu fi qinda'aa ta'uun isaas dirqama waan ta'eefi.

Kanaaf jechan hiikkaawwan jecha 'Darb' jedhuu fi dhalattoo isaa Qur'aana kabajamaa keessa ilaalutti seene. Hiikni Qur'aanaa filatamaan Qur'aana Qur'aanaan hiikuu fi kan kaayyoleen sharii'aa fi sonoota isii walii gala of keessatti hammatte ta'uudha.

Hiikni jecha *Darb* jedhuu fi dhalattoon isaa Qur'aana keessatti dubbatame karaa kudha torbaan kan dhufe ta'uun argame. Innis akka armaan gadii kanatti Dhihaata:

﴿الْقَائِمِينَ الْبَيْتَةِ الْعِزَّةِ الْبَيْتَةِ الشَّجَرَةِ﴾ النحل: ٧٦

“Rabbiin fakkii taasise” (18)

Bifa kanaan dubbachuun Qur'aana keessatti iddoo hedduu keessatti dhufee jira.

﴿وَإِذَا ضَرَبْتُمْ فِي الْأَرْضِ فَلَيْسَ عَلَيْكُمْ جُنَاحٌ أَنْ تَقْصُرُوا مِنَ الصَّلَاةِ﴾ النساء: ١٠١

“Ennaa dachii keessa deemtan, salaata irraa yoo gabaabsitan yakki isin irra hin jiru.” (19)

﴿مَرْيَمَ طَلَّةَ الْأَنْبِيَاءِ الْحَمِيمَةِ الْمُؤْمِنَاتِ الْبُورِ الْبُرُوقَانِ الشَّجَرَةِ﴾ الكهف: ١١

(18)al-Nahl: 76

(19)al-Nisaa': 101

“Gurra isaanii irratti goda keessatti waggoota hedduuf hirriba darbine.” (20)

﴿ أَفَضْرِبُ عَنْكُمْ الذِّكْرَ صَفْحًا أَنْ كُنْتُمْ قَوْمًا مُّسْرِفِينَ ﴾ الزخرف: ٥

“Ummata daangaa darbitoota tahuu keessaniif Qur’aana isin irraa qabnaa?” (21)

﴿ الْحَمْدُ لِلَّهِ الْمُنْتَحَمِ الْكَافِرِ الْكَافِرِ الْمُنْتَحَمِ الْمُنْتَحَمِ ﴾ الرعد: ١٧

“Akkasitti Rabbiin haqaa fi dhara fakkii godha.” (22)

﴿ مَرْيَمَ طَلَّتْهُ الْأَيْتَانِ السَّائِجَاتِ عَلَى الْغُلَقِ الطَّلَاقِ ﴾ النور: ٣١

“Shaashii isaanii kollettaa isaanii irra gadi habuufatan.” (23)

﴿ وَلَقَدْ أَوْحَيْنَا إِلَى مُوسَى أَنْ أَسْرِ بِعِبَادِي فَاصْرِبْ لَهُمْ طَرِيقًا فِي الْبَحْرِ يَبَسًا لَا تَخَفُ دَرَكًا

وَلَا تَحْشَى ﴾ طه: ٧٧

“Gabroota kootiin deemii garba/galaana keessa karaa gogaa jaraaf taasisi. Sidhaqqabuu hin sodaattuu, (bishaan si liqimsuus) hin sodaattuu” jechuun gara Muusaatti beeksisa goone. (24)

﴿ وَضَرَبْتَ عَلَيْهِمُ الدَّلِيلَ وَالْمَسْكَنَةَ وَبَاءَ وَبِغَضَبٍ مِنْ اللَّهِ ﴾ البقرة: ٦١

“Xiqqeenyii fi iyyummaan isaan irratti taasifame. Dallansuu Rabbiin irraa ta’een deebi’an.” (25)

(20) al-Kahf: 11

(21)al-Zukruf: 5

(22)al-Ra’d: 17

(23)al-Nuur:31

(24)Xaahaa: 77

(25)al-Baqaraa: 61

﴿ فَأَصْرَبُوا فَوْقَ الْأَعْنَاقِ وَأَصْرَبُوا مِنْهُمْ كُلَّ بَنَانٍ ﴾ ﴿١٢﴾ الأنفال: ١٢

“Morma gubbaa dhahaa! Qubbeetii hunda dhahaa!” (26)

﴿ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ صِدْقَ اللَّهِ الْعَظِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ ﴾ ص:

٤٤

“Harka keetiin dame mukaa fudhuu isaan dhahi. Kakuu hin kaffalin.”

﴿ فَإِذَا لَقِيتُمْ الَّذِينَ كَفَرُوا فَضَرْبَ الرِّقَابِ ﴾ ﴿٤﴾ محمد: ٤

“Ennaa warra didan (kafaran) qunnamtan morma dhahaa!”

﴿ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ ﴾ ﴿﴾ ﴿﴾ ﴿﴾ ﴿﴾ ﴿﴾ الحديد: ١٣

“Jidduu jaraa dallaa/dahoon ulaan isaaf jiruu taasifame. Keessi isaa rahmata (jannata), alli isaa immoo gara isaatiin (gara jahannamaatiin ykn gara alaatiin) ibidda.”⁽²⁷⁾

﴿ وَضُرِبَتْ عَلَيْهِمُ الذَّلَّةُ وَالْمَسْكَنَةُ وَبَاءُوا بِغَضَبِ رَبِّ اللَّهِ ﴾ ﴿٦١﴾ البقرة: ٦١

“Xinneenyii fi iyyummaan isaan irra ka’ame. Dallansuu Rabbiin irraa ta’een deebi’an.”⁽²⁸⁾

﴿ الْحَقْلُ الْمَجْلُولِ نُوحٍ لِيُخَوِّعَ الْمُؤْمِنِينَ الْمُؤْمِنِينَ الْقِيَامَةِ الْأَسْوَاقِ الْمَسْلُوقِ الْفُلُوقِ ﴾

﴿النور: ٣١﴾

(26)al-Anfaal: 12

(27)al-Hadiid: 13

(28)Nuur: 31

“Miidhagina isaanii irraa wanti jarri dhokssan akka beekamuuf jecha Miila isaaniittin lafa hin dhiitin!”

﴿الْبَيْتِ الْمَعْمُورِ فَمِنَ الْمَلَكَاتِ الْوَالِدَاتِ الْغَنَىٰ الْقَبْرِ الرَّحْمٰنِ﴾ محمد: ٢٧

“Ennaa malaykaan dugdaa fi udduu jaraa dhahaa jara ajjeeftu mee akkami!” (29)

﴿فَقُلْنَا أَضْرِبْ بِعَصَاكَ الْحَجَرَ﴾ البقرة: ٦٠

“Ulee keetiin dhagaa dhahi! Jenne.” (30)

﴿الشَّجَرَةَ الْمَلَكُ الْقَصْرُ الْعَبِيدُ الرَّؤُوفِ﴾ الصافات: ٩٣

“Humnaan dhahuuf isaanitti deebi’e.” (31)

Yeroo keeyyatoota Qur’aanaa armaan olii gadi fageessinee ilaalle, jechi *Darb* (Rukutuu) jedhu bifa jecha darbaa fi hin dabarre (translative and intranslative) ta’een hiika gara garaa qabatee kan dhufe ta’uu agarra. Jechi kun hiika adda addaatiif ergifachuun kan itti fayyadamameedha. Fkn hiika irraa fagaachuu, adda bahuu, of irraa fageessuu fi dhiisuu ibsuudhaaf itti fayyadame.

Akka fakkeenyaatti yoo fudhannee ilaalle, waan tokko ifa goonee ibsuuf fakeenyatu taasifama; kun immoo Afaan Arabaatiin “*Daraba masalan*” jedhama. Biyya ofii dhiisanii imala deemuunis Afaan Arabaatiin “*Daraba fil-ard*” jedhama. Waan tokko dhagahuu dhowwuun “*Daraba al-al-Uzun*” jedhama. Waan tokko fageessuu, hambisuu fi dhiisuun

(29) Muhammad: 27

(30) al-Baqaraa: 60

(31) al-Saaffaat: 93

“*Darbun al-Safhi an al-Zikri*” jedhama. Haqaa fi dhara adda baasuun “*Darbu al-haqqi wal-baaxil*” jedhama. Qoma ofii dhoksuu fi akka hin mul’anne gochuun “*Darbu al-Kamri ala al-Juyuub*” jedhama. Garba ykn galaana keessa bishaan dhoosanii mogga moggaatti addaan qabuun “*Darbu al-xariiq fil-bahr*” jedhama. Qaama tokko kan biraa irraa haguuguun ykn adda baasuun “*Darb assuuri baynahum*” jechama. Hiyyuummaa fi salphina nama irra ka’anii isaan nama irraa addaan baasuun “*Darb azzulli wal-maskanah*” jedhama. ⁽³²⁾

Jechi ‘*Darb*’ jechuu fi dhalattoowwan isaa kan hafan immoo kan akka miilaan dhahuu, fuula dhahuu, dhagaan dhahuu, damee mukaatiin dhahuu fi mirgaan/humnaan taabota dhahuu hiikni isaa humnaan qaama wan tokkoo dhahuudha. Qaamni kun lafa, fuula, dhagaa, nama ykn taabota ta’uu danda’a. Rukuttaan kunis sagalee ykn xiqqeenyaa fi laalaa argamsiisuun ta’a. Ykn immoo dhagaa cabsanii bishaan baasuudhaan, ykn taabota caccabsuudhaani.

Haaluma kanaan hiikni jecha ‘*Darb*’ jedhuu kan Qur’aana keessatti dhufe fagaachuu, adda bahuu, fageessuu fi deebisuudha. ⁽³³⁾ Egaa hiikni jecha ‘*Darb*’ jedhuu kan waa’ee

⁽³²⁾Kana jechuun jechi “*Darb*” jedhu kan yeroo baay’ee ‘Rukuttaa’ jechuutti hubatamu galumsa irratti hundaa’uun hiika adda addaa qabatee dhufaa jechuudha. (Hiikaa)

⁽³³⁾ wanti agarru tokko, Rabbiin ennaa rukutta isa qaama dhukkubsuu fi kan adabbii ibsu jecha “*Drb*” jedhu osoo hin taanee jecha “*Jald*” jedhu fayyadame. Kunis jecha Rabbi kana keessatti dubbatame:

ergaa. Yoo tolchuu fedhan Rabbiin jidduu isaanii walitti tolcha. Rabbiin beekaadha.” ⁽³⁴⁾

Yeroo akkaataa galumsaa, haala dubbii fi kaayyoo araaraa fi walii galtee xiinxallee ilaalle, akkasumas duudhaalee Islaamummaa kan kabaja namaa, egeree isaa mirkaneessuuf jecha kabajaa fi haqa namaa eeguu isaa, amala hariiroo abbaa manaa fi haadha manaa kan fedhii irratti hundaa’e, yoo isaan waliif hin gallee addaan baasuun mijjachuu ennaa ilaalle hiikni ‘darb/rukuttaa’ laalessuu fi xinneessu akka hin taane agarra. Hiikni inni caalaan hiika walii galaa kan Qur’aana keessatti baay’inaan dhufeedha. Innis fagaachuu, dhiisuu fi adda bahuudha. Kunis kan ta’eef, abbaan manaa haadha manaa isaa irraa adda bahuu fi isiidhaan ooduun hariiroo jidduu abbaa manaa fi haadha manaa sirreessuuf barbaachisaadha. Tarkaanfiin kun tarkaanfii firaashii qofa irraa fagaachuu caala fagoodha. Abbaan manaa haadha manaa isaa irraa adda bahuu fi mana haadha manaa isaa dhiisuun, guutuutti isii fi mana isii irraa fagaachuun dhiibbaan mataa jabaachuu fi ajajamuu diduu isaa adda ba’iinsaa fi hiikkaatti geessaa akka jiru haala cimaa ta’een akeekkachiisa.

Tarkaanfiin kun akka dubartiin waan mataa jabaachuu, haala baduu fi ajajamuu diduun isii fiduuf deemu yaaddu carraa guutuu kennaaf. Wanti inni fidu kunis hiikkaadha. Isiin amala isii badaa kanaan hiikamuu barbaaddee? Waan kana hordofee dhufu xiinxalteetti moo amala wallaalumaa fi mata jabeenyaa kan isiin irraa deebitee qajeeltee osoo yeroon hin darbin abbaa manaa isii gara mana isiitti deebistuudha?

⁽³⁴⁾al-Nisa’: 34-35

Dubartii mana isii keessatti rukutuu jechuun kan hariiroo jidduu haadha manaa fi abbaa manaa sirreessuuf, itti gaafatama fuuldura isaanii kaa'uu fi wal-dhabbii hin barbaachisne irraa akka deebi'aniif dubbatame hiikni isaa inni caalaa fi filatamaan “Dhiisuu, adda bahuu fi irraa fagaachuu” dha. Kana jechuun mana haadha manaa dhiisanii isii irraa fagaachuu jechuudha. Tarkaanfiin kun tarkaanfii achi fagoo fi barnoota jabaa kan dubartiif kennuudha. Kun akka tarkaanfii dhumaa kan wal-dhabbii dhabamsiisuu fi walitti isaan qabuuf fudhatamu, kan isaan rakkoon hamaan isa hordofee ajajamuu diduu, mata jabeenyaa fi wal-faallessuu irratti dhufu hubatamuudha.

Tarkaanfii mana haadha manaa dhiisanii irraa fagaachuu booda kan jiru qaama sadaffaa firootan isaan lameenii irraa hirmaachisuun murteessisiisuu, maryachiisuu, sababa wal-dhabbii fi wal-irraa baqachuu qorachuu, furmaata lafa kaa'uu fi wal-dhabbii sana daangessuuf gama lachuu gorsuun akka wal-dhabbii fi wal-miidhaan jidduu isaan lameeniitti hin argamne gochuu malee tarkaanfiin biraa hin jiru. Kunis araaramuun, ykn adda bahuudhaani. Akkuma Rabbiin “Haala gaariin qabatani taa'uu ykn haala gaariin geggeessuu” jedhe.

(35)

Jecha ‘*darb*’ jedhu kana adda bahuu, dhiisuu fi irraa fagaachuutti hiikuu kana hojii ergamaa Rabbiitu deeggara. Kunis kan isaan yeroo jidduu isaanii fi dubartoota isaaniitti wal-dhabbiin argamu, bal'ina addunyaa kajeeluuf jecha gorfamuu didanii ajajamuu diduu fi mataa jabaachuu irra turan

(35)al-Baqaraa: 229

ergamaan Rabbii (SAW) baatii guutuu dubartoota isaanii fi mana isaanii dhiisanii hoyrutti galan. Eeganaa jireenya isaanii jaal’atanii wajjin jiraachuu fi haala gaariin isaan geggeessuu filachiisan. Rabbiin akkana jedhe:

﴿عَسَى رَبُّهُ إِنْ طَلَّقَكُنْ أَنْ يُبَدِّلَهُ أَزْوَاجًا خَيْرًا ﴿٥﴾﴾ التحريم: ٥

“Yoo isin gadi dhiise/hiike Rabbiin isaa haadha manaa isin caalan isaaf bakka buusuun mirkana’aadha.” ⁽³⁶⁾/₍₃₇₎

⁽³⁶⁾Attahriim: 5

⁽³⁷⁾ Ergamaan Rabbii wal-dhabbii jidduu isaanii fi dubartoota isaaniitti argame keessatti qaama sadaffaa jidduu hin seensisne. Nabiyyiin qajeelcha Qur’aanaa kan ennaa dubartiinmata jabeenya isii irraa deebi’uu didde qaama sadaffaa jidduu seensisaa jedhu ni wallaalan ykn bakka kennuufii didan jechuu hubachuu hin qabnu. Wanti nabiyyiin (SAW) tarkaanfii kana fudhachuu didaniif waan sadarkaa ergamaatiif hin malleefi.

Dubatii gorsuun, isaaniin ooduu fi dabaree isaanii dhiisuun tarkaanfii akka isaan keessa deebi’anii amala isaanii ilaalanii fi sirreessan gargaaruudha. Jidduu haadha manaatti qaama sadaffaa fidanii murteessisiisuun akka dhimmicha qulqulleessanii bakka dogoggorri jiru addaan baasanii isaan qajeelchaniifi. Haalli kun immoo nabiyyii (SAW) wajjin hin deemu. Nabiyyiin ergamaa wahyiin samiidhaa irratti buhuu, kan nama hunda caala haqa beekuu fi wahyiin isa gargaaruudha. Dhimma kana irrattiyyuu wahyiin ijjannoo nabiyyii deegaruu buhee dubartoota isaaniitiif filannoo kenne. Filannoo kunis akka jireenya nabiyyiitti jaal’atanii wajjiin jiraachuu ykn addaan bahuudha. Ennaa murteen Rabbii dhufe namni deebisu ykn falamuu hin danda’u. rabbiin akkana jedhe:

﴿عَسَى رَبُّهُ إِنْ طَلَّقَكُنْ أَنْ يُبَدِّلَهُ أَزْوَاجًا خَيْرًا ﴿٥﴾﴾ التحريم: ٥

Yeroo sana keessatti nabiiyiin (SAW) nama tokkollee rukuttaa qaamaa hin rukunne; hin kaballe ykn bifum kamiinillee hin xinneessine. Osoo rukuttaan qaamaa fi lubbuu laalessu ajaja Rabbii sanaan itti yaadamee silaa nabiiyiitu nama jalqaba itti hojjachuu fi isaaf ajajamuuf daddafu ta'ature. Garuu nabiiyiin (SAW) hin rukunne; rukututtis hin ajajne; hin eeyyamnes. Abuu Bakrii fi Umar ijoollee isaanii warra nabiiyiin falamanii dallansiisan rukutuu yaadanii turan (garuu nabiiyiin hin eeyyamneef).

Adeemsi nabiiyii (SAW) fi hojiin isaanii ergaa fi hubannoo Qur'aana kabajamaa hubachuu fi ibsuu keessatti, sadarkaa duraa akka ta'e ni beekna. Adeemsi nabiiyii (SAW) bu'aa wal-dhabbii irra turuu hordofee dhufu ibsuu keessatti bu'aa buustee jirti. Wal-dhabbii kanaaf daangaa ka'ee jira. dubartoonni nabiiyii (SAW) dubbii cimuu, maatiin isaanii dallanuu fi waliin jireenya nabiiyummaa jaallatamtuu sana dhabnee jirra jechuu ennaa argan, dabiinsaa fi mata jabeenya isaanii irraa gara karaa sirriitti deebi'uu, nabiiyiif ajajamuu, hiree Rabbiin isaaniif keennetti quufanii, itti gammadanii jiraachuuf isaaniif gahaa ta'ee argame.⁽³⁸⁾

Akkasitti ergamaan Rabbii (SAW) ennaa dubartoonni isaanii faalla deemuu irratti turan osoo kaballaa fi xinneessuu

“Yoo isin gadi dhiise/hiike Rabbiin isaa haadha manaa isin cacaalan isaaf bakka buusuun mirkana'aadha.”

⁽³⁸⁾Sahiih al-Bukaarii (5395), Sahiih Muslim (2704), Sunana Tirmizii (3240) fi Musnaga Ahmad (24588)

hin filatin baatii tokkoof mana isaanii dhiisanii irraa fagaatan. Kunis akka dubartoonni sun faaydaa mata jabeenyaa fi faallaa deemuu irraa argamu beekaniifi. Baatii tokkoof osoo maatiin isaanii dhimmicha hin beekin manneen dubartoota isaanii irraa fagaatan. Isaaniif ajajamuu fi adda ba'uu filachiisan. Isaanis rakkoo adda ba'iinsa hordofee dhufu beekanii karaa sirriitti deebi'an. Kanaafuu hiikni rukuttaa kan sunnaa nabiiyiii (SAW) keessatti dhufe adda bahuu, dhiisuu fi irraa fagaachuudha. Isa kanatu gama biraatiin amala lubbuu namaa fi dhalattoo jechoota ergifannaa Qur'aana kabajamaa keessaa wajjiin wal-simata.

Hiika Ibni Abbaas kan inni akka abbaan manaa haala isii jaallachuu dhabuu fi dallansuu ibsuu keessatti hin roorrisne, haaluma fedhettuu rigaa fi waan rigaa fakkaatu darbuu hin qabu jedhee wajjiin wal-hin faallessu. Garuu xuqiinsi akkasii akkamitti wal-dhabbii sadarkaa guddaa irra gahe kana keessatti dallansuu dhugaa, waan ulfaataa isa hordofee dhufu ibsuu fi gara sadarkaa irra fagootti, kan irra jijjiirama fiduutti siqsuu danda'a? Kana jechuun tarkaanfii wajjiin ciisuu diduu irraa gara furmaata walii galtee ykn addaan bahiinsaatti dabruu akkamitti ibsuun danda'ama jechuudha.

Kanaafuu kan natti mul'atu, ennaa dubartiin abbaa manaa isii dheessitee fi ajaja isaa faallessite, hariiroo isaan lammeenii tolchuuf jecha 'rukutaa' jechuudhaan kan Qur'aana keessatti dubbatame hiikni isaa kan itti yaadame abbaan manaa haadha manaa isaa irraa adda bahuu, mana haadha manaa isaa dhiisuu, akka isheen amalli abbaa manaa irraa dheessuu, jallinaa, haqa

abbaa manaa bal'eessuu isii maal akka ta'e beektuuf abbaan manaa haadha manaa isaa irraa adda bahuu, mana isii dhiisuu fi guutumatti akka furmaataatti fudhatanii mana isii irraa fagaachuudha. Kunis akka isiin haalli kun gara hiikkaa/adda ba'iinsaatti geessuun isaa hin oolu jechuu beektuufi. Akkasumas waan kana hordofee dhufu hunda akka beektuufi. Keessattuu yoo kan ijoollee xixiqqoo qabaatan ta'e.

Iddoo kanatti rukuttaa qaama laalessuu, dirqiin of jalatti gadi qabuu fi lubbuu xinneessuu caala hiika armaan olitti dubbannetti hiikutu caalaadha. Rukuttaan qaamaa fi lubbuu xinneessuun amala jiruu gaa'ila kabajamaa fi hariiroo kabajaa ilma namaa miti. Ammas tooftaa ittiin jaalala, mararfannaa fi aantummaa jidduu haadha manaa fi abbaa manaatti mirkaneessu miti. Keessattuu jaarraa amma keessa jirruu fi qarooma isaa, mijaa'iinsa isaa fi miira dargaggoota jaarraa kanaa miti. Akkasumas hojiin ergamaa Rabbiitis (SAW) kan isaan kaayyolee fi galma Islaamummaan ijaarsa maatii keessatti mirkaneessuuf deemu jaalala, mararfannaa, of too'achuu fi nageenya- mirkaneessuuf fudhatan kanuma armaan olitti nuti dubbanne mirkaneessa.

Iddoo guddisaa kan dhaloota haaraa lubbuudhaan, miiraa fi beekumsaan guddisuuf amanamaa ta'e karaa irra caalaa ta'een argamsiisuun milkii fi ergaa amantii baadhachuu mirkaneessufi.

Mamii tokko malee yeroo ammaa kana hubannoon ummata Islaamaa hedduun sababa hambaa aadaa isii, falaasama fi

duudhaa isii rraa fagaachuun kan ka'e, sababa walduhhabbi gareewwan ummata Islaamaa jiddutti uumamee ilaalcha isaanii aguugdee ummata Islaamaa haala isaan amma irra jiraniin ga'e kun haqa irraa dabee jira.

Akkasumas ilaalchi xiinxalaa fi hubannoon isii hiika, kaayyoo fi ergaa *wahyiin* jireenya keessatti qabu hubachuuf beekumsa yeroo fi iddoo keessatti kennamuun wal-qabata jechuu ennaa beekne barattoota irraa wanti eegamu, dhimma sharii'aa keessatti ilaalcha qabsoo wal-irraa hin cinne gochuudha. Kunis iccitii ilaalcha Islaamaa ifa godhuuf, akeeka ykn ergaa isii kan beekumsaa, kan jijjiirama jiruu fi uumamaa wajjiin haaromu itti gahuuf jecha hubannoo qulqulleessuu fi ilaalcha/xiinxala addeessuufi. Wanti kun barbaachiseef, bifa haaraadhaan galma ergaa Islaamaa fi kayyolee sharii'aa mirkaneessuufi.

Wanti nuti qo'annna/barruu kana dhimmoota isa fakkaatan hedduu keessatti irra deemne –akka nuti yaannutti- kan qabsoon xiinxalaa fi *ijtihaadaa* (haqatti gahuuf tattaafachuu) isa keessatti bakka bal'aa qabuudha. Inumaa beekumsa yeroo fi iddoo keessatti argamuu wajjiin wal-qabsiisanii dhimmoota akkasii irratti qo'anaa fi qabsoo geggeesuudhaan galma wahyii fi kayyolee sharii'aa mirkaneessuun barattoota irratti dirqama ta'a.

Haqa qunnamuu, gara waan toltuu fi toliinsi keessa jiruutti qajeeluun Rabbiin kadha. Xumurri kadhaa keenyaa *al-Hamdu*

lillaah Rabbi al-Aalamiin (faaruun kan Rabbii uumama hundaati) jechuudha.

Kitaabni Kun

Dubartii rukutuun tooftaa wal-dhabbii Dhiirsaa Niitii fu-ruuti.

Sadarkaan beekkumsi gadaawwan durii irra gaye gahee dubartootaa geengoma maatii qofa keessatti gabaabsee, warra dhiiraatiif immoo itti gaafatamummaa fi aangoowwan baay'ee kennuufis, haalli yeroo ammaa jiru garuu guutumatti haala dabre kanaan walhaba.

Gadaa ammaa keessa dubartoonni gama beekkumsaa, oomishaa, diinagdee fi saayinsiitiin guddatanii sadarkaa geengoo maatii isaanii dhihaa san bira waan dabraniif gita durii saniin hin ilaalaman.

Kanaafuu qabatama hariiroo maatii jidduu jiru irratti hubannoo qabnu deebiin ilaaluun akka haala qabtama battalaa isa yeroo waliin wal-simatu taasisuun dirqama. Qorannoon kunis gaheewwan gurguddoo qabatamaa kan dubartoonni manaa fi hawaasa isaanii keessatti qaban ifa taasisuu irratti tattaaffii taasisee jira. Kunis gama 'dubartii rukutuu' jedhuun dhimma kana bifa haarayaan dubbisuun (hubachuun) tarkaanfiin (ejjannoon).

Islaamni dhimma kanarratti qabu maal fakkaata karaa jedhuuni.